# QAACCESSA SIRRUMMAA QABIYYEE QORMAATA BARNOOTA AFAAN OROMOO XUMURA SEEMISTEERAA, BARSIISONNI QOPHEESSAN: MANA BARUMSAA GAATTIRAA SADARKAA 2^FFAA^ KUTAA 9^FFAA^-12^FFAA^

**QORATTUUN: FATIYAA ABDANNUUR**

**QO'ANNOO ULAAAGAA DIGRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNVARSITTII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTTII DHIYAATE**

**HAGAYYA 2016 ALI**

**JIMMA**

**QO'ANNOO ULAAAGAA DIGRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNVARSITTII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA FI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTTII DHIYAATE**

**QAACCESSA SIRRUMMAA QABIYYEE QORMAATAA BARNOOTA AFAAN OROMOO XUMURA SEEMISTEERAA, BARSIISONNI QOPHEESSAN: MANA BARUMSAA GAATTIRAA SADARKAA 2FFAA**

**QORATTUUN: FATIHAA ABDANNUUR**

**GORSAAN DURAA :TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)**

**GORSAAN AANTEEN: CIMDII WAAQUMAA**

**HAGAYYA 2016 ALI**

**JIMMA**

Waraqaa qoronnoo kana dhuunfaa kootiin jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutuudhaan hojjedhee xumureera..Bifa seeraa alaan hojijji nama biraa irraa kan garagalfame jiru akka hin taane nan mirkanneessa.

**Qo'attuu**

Maqaa:__________________________

Mallattoo: _______________________

Guyyaa: _________________________

Waraqaan qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuu isaa mirkanaa'eera.

**Gorsaa Duraa**

Maqaa: _________________________

Mallattoo: _______________________

Guyyaa:_________________________

**Qoraa/rtuu Keessaa**

Maqaa: ___________________________

Mallattoo: _________________________

Guyyaa: ___________________________

**Qoraa/rtuu Alaa**

Maqaa: ___________________________

Mallattoo: _________________________

Guyyaa: ___________________________

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


**Galata.......... I**

**Axereeraa .......... II**

**BOQONNAA TOKKO : SEENSA .......... 1**

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .......... 10**

**2.1 Maalummaa Qormaataa.......... 10**

**2.2 Qormaata Afaanii.......... 12**

**2.3 Seenaa Qormaata Afaanii.......... 13**

**2.4 Walitti dhufeenya barnoota afaaniifi qormaata afaanii .......... 14**

**2.5 Faayidaa Qorumsa Afaanii.......... 14**

**2.6 Sirrummaa Qormaataa Afaanii.......... 15**

**2.7 Qabatamummaa Qormaata Afaanii .......... 19**

**BOQONNAA SADII: SAXAXAA FI MALAA QORANNICHAA .......... 27**

**BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE .......... 30**

**4.1 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa .......... 30**

**4.1.1 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa kutaa 9ffaa .......... 30**

**4.2. Qaaccessa Ragaalee sirrummaa unka qormaataa.......... 34**

**4.3 Qaaccessa Ragaalee sirrummaa qabiyyee qormaatichaa.......... 34**

**5.1 Argannoo.......... 39**

**5.2 Yaboo .......... 40**

**Dabaleewwan.......... 43**

**Dabalee "A" Qoemataa Kutaa 9ffaa .......... 43**

**Dabalee "B" Qoemataa Kutaa 10ffaa .......... 44**

**Dabalee "C" Qoemataa Kutaa 11ffaa .......... 45**

**Dabalee "D" Qoemataa Kutaa 12ffaa .......... 46**

## Galata

Waan hundama caalaa waaqa milka’ina na gonfachiseef galanni haata’u. Itti aansuudhaan gorsaa koo barsiisaa Tashoomaa Balaayinaa(PhD) yaadaa ijaarsaa fi yeroo isaanii aarsa gochuun na gargaaraa fi na qajeelchaa turan baayyeen galaateeffadha. Dabalataan immo hojii qorannoo koo kanaaf ijaa fi gurra kan naaf ta’an hoogganaantoota fi barsiisota mana barumsaa Gaattiraa hundaaf waaqni umurii keessan haadheeressun jedha.

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa: Sirrummaa qabiyyee qormaataa xumura seemisteeraa, xiyyeeffannoo barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa -12ffaa bara 2014 mana barnootaa Gaattiraa sad. 2ffaatti qophaa'e qaaccessuudha. Qorannichaaf wanti ka'uumsa ta'e qorattuun yeroo mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa barsiisaa turtetti Sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota Afaan Oromoo kan xumura semisteeraa irratti komee barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 9-12ffaa barsiisan gama sirrummaa qabiyyee qormaataa haala kitaaba barattootaa keessatti baratamaniin dhufuu dhabuun irratti qaban bu'uura godhachuun kan gaggeeffamedha. Qorattuun hanqinoota sirrummaa qabiyyee qormaata xumura seemisteeraa kan barnoota afaan Oromoo kutaa 9-12 kessatti mul'atan addaan baastee yaada furmaataa kennuuf immoo gosa qorannoo keessaa qorannoo hammamtaa, madda ragaa tokkoffaa sakatta'iinsa dokumantiitti dhimma baatee jirti. Akkasumas meeshaaleen, qormaanni barnoota afaan Oromoo bara 2014 qopha'aan, silabasii, kitaaba barattooaafi qajeelcha barsiisotaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12ffaa akka iddattootti, mala iddateessuu kaayyeffamaatiin filatamanii jiru. Meeshaan odeeffannoon ittiin funaaname sakatta'iinsa qormoota xumura semisteeraaf qophaa'e kan bara 2014, sakatta'uun bifa gabateen ragaan sassaabamee qaacceffameera. Dabalataanis meeshaalee sadan: silabasii, kitaaba barattootaafii qajeelcha barsiisotaa yoo ta'u Odeeffannoon sakatta'iinsa meeshaalee kanaafi gabateen ragaan sassaabamee, mala hammamtaan qaacceeffamanii jiru. Akka ragaaleen qaacceeffaman mul'isanitti walsimannaan sirrummaa qabiyyee qormaataa kan xumura seemisteeraf qophaa'aniifi kaayyoon meeshaalee barnootaa, Afaan Oromoo kanneen irratti ciminniifi hanqinni jiraachuun hubatameera. Hata'u malee, qorannoon irra caalaatti hanqinarratti xiyyeeffannoo gochuun kan gaggeeffame. Sababanis hanqinoonni mul'atan fooyyessuu akka danda'amuuf yaada furmaataa eeruufi. Waan kana ta'eef akka argannoo qorannoo kanaatiin meeshaalee barnootaa kanneen keessatti haqinni walsimannaa sirrummaa qabiyyee qormaataa xumura semisteeraaf qophaaniifi kaayyoon barnootichaa dandeetiwwan barnootaa gurguddoo afran jalatti mul'ateera. Kunis hanqina dandeettiwwan afaanii jiran haala kaayyoo barnootichaan qoruu dhabuufi qormaata xumura seemisteeraaf qophaa'an kunneen dandeettiwwan afaanii gurguddoo jiran keessaa dandeettii barreessuu qofa madaaluuf kan qophaa'e ta'uun isaa hubatameera. Walumaagalatti argannoo qorannoo kanaarraa ka'uun barsiistonni qorumsa daree qopheessan kaayyoo silabasii barnootichi of keessatti hammachuu danda'uun ofeegganoo guddaa taasisuun gaaffilee qorumsaa qopheessan kana waliin walsimsiisuun qopheessuu otoo danda'anii rakkinichi salphachuu danda'a, dabalataanis gaaffileen qormaataaf qophaa'an osoo barattootni hin qoramin qaama adda addaan madaalamee sana booda osoo hojiirra oolee jechuun yaadni furmaataa kaa'amee jira.*

# BOQONNAA TOKKO : SEENSA

## 1.1.Seen-Duubee Qorannichaa

Qormaatni barnoota afaanii keessatti seenaa baroota hedduu kan qabuufi qaama baruufi barsiisuu ta'ee ilaalamaa kan jiruuf kan tureedha. Qorrmaanni meeshaalee beekumsaafi dandeettii barataa tokkoo irratti hanqinaa fi ciminaa jiru safaruudhaan tarkaanfii itti aanuu kan ittiin ibsamudha(Ur, 1996: p.37; Hughes, 1989:pp. 57-58). Afaan barsiisuufi qormaata afaanii kennuun hariiroo jabaa kan qabanidha,(Heaton, 1975: p.103). Kaayyoon barnoota afaanii barattoonni barnoota barataniin beekumsa ogummaa afaanii, jijjiirama amalaaf dandeetti uumamaafi aadaa Afaan Oromoo, akka fidan taasisuu yoo ta'u kunis kan galma ga'u qorumsa kennuudhaan akka ta'eef barsiisuufi qoruun qaama adda hin baane ta'ee kan geggeeffamu yoo ta'edha,(Brown, 1980:p.91)

Kaayyoon qormaata afaanii akkuma gosoota qormaata gara garaa ta'uu ni danda'a. Akka Bachman,(1990,:123) fiHeaton,(1991, 564) ibsanitti gosootni qormaata baay´een akkuma jiran, kaayyoon isaaniis hedduudha. Kanneen ijoo ta'an keessaas: Dandeettii afaan barattootaa ilaaluun barnoota itti aanu bifa isaan madaaluun qopheessuuf, barattoonni qabiyyee yeroo murtaa'aa keessatti hangam akka hubatan mirkaneessuuf, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun fooyya'iinsa barbaachisu taasisuufi kaayyoon barnootaa barattootaa biratti hangam akka hojiirra oole mirkaneessuuf akka ta'e hayyoonni kunneen ni'ibsu. Qorumsi galma yaadame bira ga'uuf seeraan qophaa'uu qaba. Qormaanni haalaan qophaa'e tokko adeemssa baruufi barsiisuu keessatti faayidaan isaa olaanaa yoo ta'u kan seeraan hin qophoofne yoo ta'e garuu, faallaa kanaa miidhaa cimaa kan geessisudha,(Madsen 1983;321).

**A**kkasumas, qormaanni afaaniis faayidaa adda addaa qaba. Yaada kana Bachman,(1990:43) & Heaton,(1991:256),yommuu **i**bsani,qorumsi afaanii tajaajila gara garaa lama qaba. Inni jalqabaa murtii sagantaa barnootaa kennuu keessatti akka madda odeefannootti tajaajila. Kan itti aanu immoo, akka agarsiistota ga'umsawwan qorannoo afaanii, afaan baruufi barsiisuu keessatti barbaadamanitti gargaara. Kaayyoon qorumsa afaanii dandeettii barattootaa beekuuf, qabxiilee hubatamuu dadhaban adda baasuuf, barattoota jajjabeessuuf, iddoo barbaachisaa ta'etti ramaduufi ga'umsa isaanii beekuuf akka geggeeffamu lafa kaa'u. Kana jechuun qorumsi akka walii galaatti hirmaattota isaa dhimmoota adda addaatiif yaadamee raawwatamuu akka danda´u hubatama. Dandeetttiiwwan afaanii warreen jedhaman keessaas, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, seerluga, hiika jechootafi ogbarruudha,Heaton,(1988).

Qormaanni qophaa'us dandeettiiwwan kanneen giddu galeessa taasisuu ni danda´a. Galmi barnoota afaanii tokko dhuma qabiyyee barnootaarraatti barattootni dandeettiiwwan afaanii armaan olitti eeraman hubachuuf;akkasumas dandeettiiwwan afaanii sadarkaa sanatti kitaaba keessatti qophaa'anii dhiyaatan irratti hubannoo gonfachisuuf,(Seriven,1867:41) kun galma ga´uudhiisuu isaa kan ittiin madaallu gosa madaallii dhumaati. Qorattuunis madaalli kanarraatti xiyyeeffachuun qaacceessa sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura seemisteera barsiisonni qopheessan: Mana barumsa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa bara 2014 qorachuuf.

Sirrummaan qormaataa si'a hedduu qabiyyee barattootni baratan, haala barnootaa fi beekumsa barattootaa waliin walsimuu fi walsimuu dhabuu ilaallata,(Harrison, D. 1983:29). Kanaafuu, sirrummaan qormaataa kan mirkanaa'u qormaanni tokko waan qoruu barbaade yoo qoruu danda'eefi qabiyyee barnootichaa fi kaayyoo barnootichaa waliin kan walsimu yoo ta'edha. Kanaafuu, qormaanni gocha baruu barsiisuu keessatti jalqaba,gidduufi xumura barumsa irratti kennamuufi gocha baruu barsiisuu irraa adda bahee kan ilaallamu akka hin taane nu hubachisa. Kana ilaachisuun (Harrison, 1983:1),akka ibseetti, "Adeemsi baruu barsiisuu hanga jirutti barsiisuufi qormaanni adda bahanii hin ilaallaman" jedha.

*Akka Brown (1994:251) ibsetti madaalliin mala safartuu haala raawwii dhuunfaa namni tokko barumsa yookiin ogummaa damee tokko irratti qabu beekuuf kan gargaarudha. "A test can be conceived as a method or an instrument orsystematic procedurewhich Involves a group of questions(perthops written or oral) that are mainly designed to elicit Students performance or to check the attain-ment of teaching objectives"*

Akka ibsa armaan olitiin baratan tokko kaayyoo barumsa tokkorratti dandeettii horate yookiin kaayyoo barumsa tokkoo galma ga'uu isaa beekuuf kan nu gargaarudha. Gocha gara garaatiif jecha qormaanni ni qoramaa. Beekumsa barataa mirkaneeffachuuf,hanga dandeetti afaan isaanii adda baafachuuf,mala baruu barsiisuu fooyyeessuu kkf fa´a.

Akka hayyuun (Bachman,1990:411) ibseetti,Qormaanni kan qoramuuf raawwii tokko ilaalchisee murtii kennuuf,dandeetti afaaanii beekuuf,mala afaan barsiisuu fooyyeessuuf,gahumsa afaanii fi itti fayyadama afaanii barattosotaa hubachuuf qormaata adda addaa akka kennamu ibsa. Hayyuun Heaton (1975:1) waa'ee qormaata afaanii akkas jechuun ibsan" Qormaanni afaanii barattootni afaan saniin maal jechuu danda'u kaayyoon jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti yaada waljijjiiruuf kan itti tajaajilaman itti fayyadama afaanii waan qabaniif gama gocha baruu barsiisuutiin ga'ee guddaa

qaba jechuun ibsaniru., Qormaata afaanii ilaalchisuun Tasfaayee,(1981:121), akka ibsutti“qormaanni kan barattootni beekuuf beekuu dhabuu isaanii adda baafachuuf waan ta'eef qoramuu kan qabanis kan barataniifi kan itti kenname akka beekaniif ta'uu qaba'jechuun ibseera. Kunis, qormaataaf gaaffiiwwan dhiyaatan kan barattoonni dursanii barataniifi qabiyyee hubatan irratti hunda'uun akkasumas dandeetti barattootaatiin ala haaraa ta'ee kan hin argamne ta'uu isaa ibse.

Qormaanni tajaajila gara garaa kennuuf oola. Tajaajilli qormaanni kennuu keessaa kanneen ijoo ta'an, murtii barattootaa kennuuf, murtiiwwan bulchinsaa ibsuuf, itti gaafatamummaa bahuufi sirna barnootaa madaaluuf akkasumas tajaajila gorsaa kennuuf akka gargaaru hubanna. Qormaanni tajaajila kan qabu ta'ee amaloota qormaata gaarii kanneen akka: ga'umsaa, sirrummaa, qabatamummaa, dhugummaa, hojiirra oolmaa kan of keessaa qabudha. Akkasumas qabiyyeewwan qormaatarratti qophaa'anii dhiyaatan qabiyyeewwan kitaaba barattootaa keessa jiran waliin kan wal siman ta'uu qabu.

Faayidaa qormaataa ilaalchisee Bachman,(1996:322) *"The most important consideration in designing and developing a language test is the use for which it is iretended,so that the most important quality of a test is its use fulness. A model of test use fulness that includes six test quantities ,reliability, construct validity, authenticity, instructiveness, impact and practicality.* "Qormaanni tajaajila kan qabu ta'ee amaloota qormaata gaarii kanneen akka qabatamummaa, ga'umsa dhugummaa, waliitti dhufeenya, dhibbaafi raawwatamummaa qabaachuu akka qabatu ibsama. Qormaanni dhiyaatu qabiyyeewwan qormaata qophaa'aniif qabiyyeewwan kitaaba barattootaa keessa jiru waliin kan waliitti dhufeenya qabu ta'uu qaba. Qabiyyeewwan qormaata irratti dhiyaatan hundi isaanii qabiyyeewwan barattoonni kitaaba barnootaa irratti barataniifi dandeetti barattootaa kan madaalan ta'uu qabu.

Hayyuun Brown ,(2003:4) irratti yaada kana yoo ibsu “content validity refers to whether the test items adequately sample the important aspeets of the materials to be tested” gaaffilee qormaatarratti qophaa’anii dhiyaatan waanta madaalamuu barbaadame madaaluu isaaf iddoo bu’uu kan danda’an ta’uu qabu. Dandeetti barattootaa qormaata fudhatanii hunda madaaluu kan danda’an ta’uu qaba jechuudha.

Qormaata afaanii keessaa qormaanni barnoota afaan Oromoo tokkodha. Sadarkaa barnootaa hundaarratti qormaanni barnoota Afaanii haala adda addaan qophaa’uun ni kennama. Isaan keessaa yeroo gara garaa battallee dareetti kennamu, semisteeraafi dhuma waggaarratti qormaata kennamu, qormaata moodeelaafi kan biyyooleessaa kan naannooleen kennamu keessatti argamu. Qormaanni xumura semisteeraa barattoonni kutaa tokko xumuruun gara kutaa birratti ce’uuf yookiin gahumsa isaanii mirkaneeffachuuf dhuma irratti kan kennamudha, Qormaanni xumura semisteeraa sadarkaa manneen barnootattiifi barsiisotaan yookiin muummewwaniin kan qpphaa´udha. Qorattuunis qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaata Afaan Oromoo xumura semisteera barsiisonni qopheessan; mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa kan bara 2014 jedhuu irratti kan adeemsiste,

Madaalliin haala odeeffannoo waa’ee barattootaa walitti qabuu, adda baasuu, galmeessuu fi hiikuuti,(Kholoufa,Lamber & Lines,2000:4) ibseedha. Akka barruun ministeera barnoota biyya keenya ibsuuti, madaalliin adeemsa kaayyoo murtaa’aa tokkoof odeeffannoo sassabamuudha,( MOE,2011). Barattootni dhuma boqonnaatti, xumura seemisteeraa fi dhuma waggaarratti ni madaalamu; yeroon isaa dheeratus, gabaabbatus,madaalliin gaggeeffamu tokko kaayyoo qophaa’ee sanaaf galma ga’uuf dandeetti yookiin ogummaa barumsaan argatamu tokko jiraachuu fi dhibuusaa kan qoruudha

Qabiyyeewwan qorumsarratti dhiyaatan hundi isaanii qabiyyeewwan barattootni irratti shaakalaniifi dandeettii barattootaa madaalan ta’uu qabu. Yaada kana kan cimsu, Brown,(2003:4) “Content validity refersto whether thetest items adequately sample the important aspectsofthe materials tobe tested”jechuun yaada isaa ibsa. Akka yaada kanaatti, gaaffiwwan qormaatarratti qophaa’anii dhiyaatan qabiyyeewwan barattoonni baratan hunda bakka bu’uu kan danda’an ta´uu qabu. Dandeettii barattootaa qormaata fudhatanii hunda madaaluu kan danda’u ta’uu qaba jechuudha.

Gama biraan ga'umsi qabiyyee qormaataa toofta ittiin madaalamu qaba. Kana ilaalchisee hayyuun (Sireci,2014:143) toofta ga'umsa qabiyyee ittiin madaalamu akkas jechuun ibseera. *Ther are a variet of methods that could be used to evaluate the degree to which the content of the assessment is congruentwith thetesting purposes.same methods arebased on traditional notions of test content validity, while others are based on never notons of test curriculum alignment. Almost allmethods involvesubject matter experts.* Akka yaada kanarraa hubatamutti qabiyyeen qormaata karaa ilaalcha durii fi ilaalcha ammas qoratamuu danda'a. Malootni ilaalcha kanneeniin dhiyaatu keessaa malli qormaataafi qabiyyee baratame walitti firoomsuu walsimsiisuu mala webb akka ta'an in ibsa.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Dhimmi tokko yeroo ka'u sababa mataasaa qabaata. Haaluma kanaan qorattuuttiin yeroo mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa barsiisaa turtetti sirrummaa qabiyyee qormaata Afaan Oromoo xumura semisteeraa irratti komee barsiisonni afaan Oromoo kutaa 9-12ffaa barsiisan gama sirrummaa qabiyyee qormaataa haala kitaaba barattootaa keessatti baratamaniin dhufuu dhabuun irratti qaban bu'uura godhachuun qormaatichi mata duree qaaccessa sirrummaa qabiyyee qormaata Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni qopheessan: mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lammaaffaa kan bara 2014 jedhurratti rakkoo jiru kana adda baasuu fi yaada furmaataa kaa'uuf jecha qorattuun qorannoo gaggeessittee jirti.

Rakkoon qulqullina qormaataa karaa gara garaatiin mudachuu danda'a. Kanneen keessaa tokko qabiyyeen qormaata qopheessinuu, akkasumas siilabasiin walsimsiisnee qopheeessuu dadhabuudha. Qabiyyeen qoramuu qabu yoo hin dhihaatiin hafe carraan beekumsaa fi dandeettii barattootaa madaaluu ni daangeffama. Kana jechuun yoo qorumsi qophaa'e sirrummaa qabiyyee hin qabaanne qabiyyee qoramuu qaburratti haalaan hin xiyyeeffanne jechuudha. Kun bu'aan qormaata barattootaa rakkoo akka qabaatuuf qooda qabaata.

Karaa biraatiin qormaata bu'aa qabeessa tokko qopheessuu keessatti akkuma idil-addunyaattiyyuu daran barbaachisoodha. Haa ta'u malee,barsiiisonni barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lammaffaa dandeettiiwwan afaanii madaaluurratti ga'umsa isaanii sakatta'uun barbaachisaa ta'ee mul'ateera. Barnoota afaanii madaaluu keessatti, yoo dandeettiiwwan irratti xiyyeeffannee qormaata hin qopheessinu taanaan dhugoominafi sirrummaa hin qabu jechuudha. Biifuma walfakkaatuun,(Weir 1993:213), "Students could perform well in language areas or skills where tests are emphasized,t hat is to say,students study and practice more language areas to which more emphasis is given during testing"

Qorattuun adeemsa dadeettiiwwan afaanii safaruu mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaatti hubannoo barsiisonni qaban keesumattuu madaalli xumuraarratti jiru kan beekumsa waliigalaa barnootaa afaan Oromoorraa barattootni muuxannoofi dandeettii horatan safaruuf dhisuu ittiin adda baaseera. Sababni isaas,barsiisuun osuma fooyya'aa ta'eeyyuu madaallii adeemsa isaaf waan madaaluun barbaadame waan hin madaalleef barattoota gama beekumsaafi dandeettii isaaniitiin adda baasuun hafee, firii isaaniirrattis dhiibbaa fidu danda'a. Qorannoo isaa keessatti (Asmaree,2008:76) qabiyyee barnootaafi qorumsa qophaa'ee gidduu walitti dhufeenyi jiru lafaafi haala eeggamuun kan hin qopheefne ta'uu ibsa. Kunis,qabiyyee muraasa irratti xiyyeeffannoo kennuu yoo ta'uu kaan immoo yoo dagatuu mul'iseera. Fakkeenyaaf: seeerlugni kitaaba barattootaa keessatti hiika jechoota caalaa bal'inaan kan jiru yoo ta'uu qormaata keessatti ammoo iddoo kan argate hiika jechootatati. Bu'uurumaa Kanaan qorannoo waraqaa kana ammo qormaanni barsiisotaa mana barumsaa Gaattiraa sirrummaa qabiyyee qabaachuufi dhabuu qormaata adda baaseera.

Sababni guddaan qorattuun qorannoo kana geggeessiteef rakkoo adeemsa hojii keessatti akkaataan dandeettiin barattootaa barnoota afaan Oromoo mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa ittiin madaalaman beekumsaa fi muuxannoo horatan safaruuf mijataa mitii? laata jedhee waanan yaadeef. Dabalataan,qorannoon kun waa'ee qormaata barnoota Afaan Oromoo irratti xiyyeeffata. Afaan Oromoo afaan barnootaa waggoota dhiyeenya keessa waan ta'eef, qormaata isaarratti qorannoowwan hedduun kan gaggeeffame hin mul'atu. Kana yemmuu jedhamu guutumaan guutuutti hin dalagamne otoo hin taane gahaa miti jechuudhaafi, Hanqinni qulqullina qormaata bifa gara garaatiin mul'achuu danda'a. Kanneen keessaa inni hangafin qabiyyee qormaataa murteessuu fi tooftaa silabasiitiin walsimsiiisuun qopheessuu dhabuudha.

Ga'umsa qabiyyee qorumsaa kana gara qorumsa biyyoolessaatti finnee yoo ilaalle, qorumsi biyyooleessaa akka waliigalaatti hir'ina guddaa akka qabu argina. Argannoon Taasisaan (2010) bira ga'ame akka agarsiisutti, gosoonni gaaffilee qorumsawwan biyyoolessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa qophaa'uun kennamaa turan gosoota gaaffilee kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti shaakalaman kan calaqqisiisan miti. Jawaar,(2007) qorannoo mata duree qaaccessa ga'umsa qabiyyee qorumsa guutuu biyyaa xumura kutaa 10ffaa jedhu gaggeesserratti, Afaan Oromoo erga qorumsa guutuu biyyooleessaarratti kennamuu eegalee qorannoowwan ga'umsa qabiyyee isaa mirkaneessuuf geggefaman ga'aa akka hintaane ibsa. Haaluma walfakkaatuun, Jaayilaan,(2007: P.89) yeroo ibsu, qorumsi biyyoolessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa hanqina ga'umsa qabiyyee akka qabu barsiisonni barnoota Afaan Oromoo, barattoonniifi ogeessonni afaanii ni ibsu.

Fakkeenyaaf, gaaffileen gosoota qabiyyee dhaggeeffachuufi barreessuu keessaa jiran tokko tokko qabiyyeewwan kitaaba barataa keessa jiran waliin akka wal hin simanne agarsiisuuf yaalaniiru,(Motuma, 2015).

Qabiyyeen qoruu qabu yoo qoruu baate carraan hubannoo fi dandeettii barattootaa madaaluu ni daangeffama. Karaa biraan immoo qorumsi qophaa'e sirrummaa qabiyyee hin qabanne, qoramuu qaburratti haalaan hin qalbeeffanne jechuudha. Kanaafuu, bu'aan qormaata barattootaa hanqina akka qabu ta'a. Kana jechuun, qabiyyeen dareetti baratame carraa wal qixaa ta'een qormaatarratti kan dhiyaatu yoo ta'e bu'aan argamus barsiisuurratti mul'ata gaarii qabaata. Sababinsaas, barattootni qabiyyee hundaaf hubannoo walqixaa kennanii akka barataniifi qu'atan godha waan ta'eef. Haaluma kanaan qorannoon kun xumurarratti gaaffilee armaan gadiitiif deebii kan kennudha.

1. Sirrummaan walsimannaa kaayyoo barnootichaafi qormaatichaa maal fakkata?

2. Sirrummaa unkaa qormaata kan barnoota afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa gaattiraa qopheessan kan bara 2014 maal fakkaata?

3. Sirrummaa qabiyyee qormaatichaa mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lammaffaa barnoota afaan Oromoo maal fakkaata?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: Qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaataa barnoota Afaan Oromoo xumura semsteeraa barsiisonni mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lammaffaa qopheessan kan bara 2014 qaaccessuudha. Kana jalatti, kaayyoowwan gooree qorannoo kanaas akka armaan gaditti tarreeffameera.

1.Sirrummaa walsimannaa kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa sakatta'uu.

2. Sirrummaa unka qormaataa kan barnoota afaan Oromoo mana barumsaa Gaattiraa sad. 2ffaa kan bara2014 semisteeraan adda baasuu.

3. Sirrummaa qabiyyee qormaatichaa kan barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lammaffaa bara 2014 semisteeraa xiinxaluu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Faayidaan qorannoo kanaa inni guddaan sadarkaa adda addaatti, kutaa hunda keessatti qormaanni adda addaa kan kennamu, yeroo mara madaaluufi sakatta'uun, ga'umsaan qormaata qopheessuuf gahee guddaa qaba. Kanuma irraa ka'uun qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaataa barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni qopheessan; mana barumsa Gaattiraa sadarkaa,2ffaa bara 2014 irratti karaa qabiyyeenis ta'e dandeettiin afaanii shaakallii kitaaba barattootaa keessatti kennamaniin wal fakkaatee akka qophaa'u barsiisota qormaaticha qopheessanuuf hubannoo kenna. Kanaafuu, qorannoon kun

1. Qormaanni sirrummaa qabu kan qophaa'u yoo ta'e hariiroon barattootni barnoota Afaan Oromootiin qaban cimaa deema. Kun immoo barattootni ofitti amanammaa fi ga'umsaa qaban horachuu irratti gahee guddaa qaba.

2. Qorannoon kun namoota mata-duree kanaa fakkaaturratti bal'inaan qorannoo gaggeessuu barbaadanniif akka ka'umsattii fi madda ragaatti ni gargaraa.

3.Sirrummaa qabiyyee qormaata Afaan Oromoo Xumura Semisteeraa kutaa 9ffaa-12ffaa ulaagaa guutuu qabu qorannoon kun waan agarsiisuuf qormaatichi ulaagaa eegee yoo qophaa´e barattootaa sadarkaa barnoota itti aanuuf haalaan qopheessa.

4. Hanqinnoota sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota Afaa Oromoo xumura semisteeraa bara 2014 keessatti argaman adda baasuun qaaccessuu.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni daanga´e, bakkaan Godina Jimmaa Aanaa Saxxammaa mana barumsaa Gaattiraa Sad. 2ffaa yoo ta'u mata dureen immoo qorannoo qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni qopheessan: mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa kan bara 2014 irratti kan daanga'udha. Malli qorannoo kana keessatti dhimmi itti bahame mala qorannoo ammamtaatti(quantitative) fayyadamuun kan gaggeeffamedha. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaas madda odeeffannoo tokkooffaa sakatta'a dokmantiiti.

### 1.6. Hanqinoota Qorannichaa

Qorannoon hojii adeemsa dheeraa, bu'aa bahii hedduu, qophii guddaa, odeeffannoo bal'aa, muuxannoo gahaa fi obsa cimaa barbaadudha. Kanaafuu.qarattuun qorannoo kana yeroo gaggeessittuu gufuuwwan ishii mudataa ture, Odeeffannoon Afaan Oromootiin dhimma kanaaf argamuun rakkisaa ta'uufi kanneen afaan biraatiin jiran hiikuun harca'iinsa yaadaa uumuu. Haa ta'u malee,qorattuun namoota hubannoo fi beekumsa gahaa qaban gaafachuun qorannoo kana gaggeessitteeti. Gama birattiin qorattuun akka hanqinaatti ilaalte yeroo gahaa ta'e dhabuu akkasumas, qorattuun qorannoo ishee gadi fageenyaan qorachuuf silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa dhiibuu akka hanqinaatti ilaalteeti. Haata'u malee, kitaaba barattootaa fi qormaata xumura semisteeraa irraa ragaa walitti qabuun qorannoo ishee gaggeessitteeti.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo kana keessatti murteessoo ta'an akka armaan gaditti ibsamaniru. Gosoota qormaata jechuun qormaan qophaa'u tokko qajeelfamoota inni of keessatti qabatu kan akka gaaffilee dhugaa soba, firoomsi, deebii sirrii filadhu, bakka duwwaa guutifi ibsidha. Akkasumas, Qorannoon kun boqonnaa shan qaba. Bifuma kanaan boqonnaan tokko seenduubee qorannoo, ka'umsa qorannoo.kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqinaa qorannoo fi qindoomina qorannichaa, boqonnaan lama sakatta'a barruu . Boqonnaa sadii malaa fi adeemsa qorannichaa, boqonnaan afur xiinxala ragaalee fi boqonnaan shan guduunfa fi yaboo dha. Boqonnaalee kanneen of keessatti qabachuun qorannoon kun qindaa'ee dhiyaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1 Maalummaa Qormaataa

Qormaata ilaalchisuun hayyoonni gara garaa hiika adda addaa kennanii jiru. Isaan keessaa: Yaalaw,(2004), qormaata jechuun gaaffiiwwan murtaa’anii qophaa’an karaa ifa ta’een haala xiinsammuu namoota qormaata fudhatanii ilaalchisee ragaa walitti qabuuf safartuu gargaaru dha, jedha. Akka ibsa hayyuu kanarraa hubannuutti qormaanni walitti qabama gaaffiiwwanii ta’ee, ragaa argachuudhaaf gochaa gargaaruudha. Desalegn and Girma,(2009:87), qormaanni yeroo baay’ee yammuu ibsamu, tuuta gaaffilee ta’ee barataa tokkoof yookiin barattoota hedduuf karooraan kennuuf haala murtaawaan kan qopheeffamuudha jechuun ibsan. Baker,(1989), qormaanni kaayyoo barnootaa hordofee barattoonni maal akka barataniifi hin baranne, maal akka beekaniifi hinbeekne mirkaneessuuf kan dandeessisu qaama baruu barsiisuusti jechuun ibse Brown,(1994:67) gama isaatiin,qormaata jechuun gochaa guyyaa guyyaaniifi ta’insa barachuu wajjiin walqabatee, namni tokko wanta murtaa’e irratti beekumsa qabu ykn mala dandeetti ittiin safarruudha jedha.

Akkasumas, Kaplan & Saccuzzo,(2009:45), yeroo ibsan, qorumsi meeshaa safartuu yookiin tooftaa amala safaruuf tajaajilu yookiin amala gocha tokko hubachuufi tilmaamuuf kan gargaaruudha. Fakkeenyaaf, qormaanni waa’ee qubeessuu barattootaa kan qoru, barataan tokko jechoota haala gaariin qubeessuu danda’uu yookin hanga inni jechoota murtaa’oo ta’an qubeessuu barate madaala. Ibsa hayyoota kanarraa hubachuu kan danda’amu qormaanni namni tokko beekumsaafi dandeetti qabu mirkaneeffachuuf akkasumas ragaa argachuuf meeshaa dandeessisuudha. Qormaanni fi madaalliin walitti dhufeenya haa qabaatan malee qormaanni odeeffannoo gara garaa barsiisaa fi barataaf kan kennamuudha. Akkasumas, madaalliin tokko meeshaalee amala namaa dhuunfaa itti ibsuuf gargaarudha. Kana malees ciminaa fi hanqina imaammata barnootaa ittiin adda baasuuf oola. Qormaanni akka akaakuu madaallii tokkootti amala nama dhuufaa haala adeemsa sirrii ta’een lakkoofsaan kan dhiyeessudha. Yaada kana Bachman,(1990:78) yoo ibsu: “AS one type of measurement,a test necessarily quantifies characteristics of individuals according to explicit procedures”

Akaakuu madaallii keessaa qormaanni amala nama tokko gama lakkaa’amuu danda’uun kan ittiin dhiyeessani.Yaada kanaan walqabatu *Brown,(2003:87) yoo ibsu: “Assessment is an on going prosses that encompasses a much wider domain. Whenever a student responds to a question,offers a comment ,or tries out a new word or structure that teacher subconsciously makes an assessment of the student’s performance”* Madaalliin gochaa walitti fufinsaan

raawwatamu ta'ee qabiyyee bal'aa kan qabudha.Barsiisaan madaallii barattootaaf itti yaaduun qopheessee dalagaa barattootaarratti yaad-deebii kennuu qaba.Yaada kanarraa akka hubatamutti madaalliin adeemsa mataasaa qabaatee waan barattootni baratan safaruuf gargaaruusaati.

Yaada olii kanaan kan walfakkaatu Taghi(2009:45) madaallii yoo ibsu "Evaluation in teaching English language is a process of collecting,analysing an imterpreting information about teaching and learning in order to make informed decisions that enhance student achievement and the success of educational programs" Qormaanni adeemsa odeeffannoo beekumsa barattootaa ittiin walitti qaban, qaaccessanii fi madaaluun yaada itti kennaniiti. Dhufaatii qormaataa ilaalchisee Heaton,(1990:187) qormaanni yeroo jalqabaaf haala saayinsaawaa ta'een hojiirra kan oole jaarraa 20ffaa keessa akka ta'e ibsa. Jaarraa kana dura haalli qormaanni itti kennamaa ture haala saayisaawaa taheen akka hintaane dabalee ibsa. Itti dabaluunis qormaanni haala saayinsaawaa ta'een bal'inaan hojiirra ooluu kan eegale waraana addunyaa 2ffaa booda akka ta'e ibsa.

Qormaata yeroo ammaa ilaalchisee Heaton,(1990:37) yoo ibsu: *Tests today are mainly concerned with evaluating real communication in the second language.In this communication era,the best exams are those that combine various sub-skill.In particular communicative tests need to measure more than isolated language skills"* Kana jechuun qormaanni yeroo ammaa kan qophaa'uu qabu haala ogummaa afaanii gara garaa of keessatti hammatuun ta'uu qaba yaada jedhutu hubatama.Kunis kan ta'eef malli qunnamtii kan gorsu yeroo ammaa qormaanni qophaa'u kan ogummaawwan afaanii kophaa kophaatti madaalu utuu hin taane wal keessa makuun akka qophaa'uu qabudha. Amala qormaanni qabaachuu qabu haala olii kanaan yoo ibsamu maalummaa qormaataa namoonni garaa garaa kennaniiru. Qormaanni gosa madaallii keessaa tokko ta'ee amala nama tokkoo meeshaa ittiin safaruudha. Yaada kanarraa akka hubatamutti qormaanni dandeettii namni tokko qabu safaruuf akka gargaaruudha.

Yaada kanaan walqabatee Weir,(1999:2) qormaataaf yoo hiika kennu, "A psychological or educational test is a procedure designed to elicitcertian behaviour from which one can make inferences about certain characterestics of an individual" Qormaanni xiinsammuu /qormaanni barnoota amala namni tokko qabu karaa ittiin mul'atuuti. Amalli kunis, beekumsa namni tokko qabu ta'uu danda'a. Qabxiin qormaata afaanii waa'ee dandeettii afaanii namootaa murtii kennuuf akka ragaa ka'umsaatti kan fayyadudha. Kunis qormaanni jireenya hawaasaa keessatti baay'ee murteessaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

Yaada kana McNamara and Roever,(2006:45).irratti yoo ibsan: “Language tests have become a pervasive part of our education system and society. Scores from language tests are used to make inferences about indivduals” Qormaanni afaanii sirna barnoota keessattis ta’e hawaasa keessatti bu’aa qaba.kana malees qabxiin qormaata irraa argamu odeeffannoo waa’ee nama qorame sanaa mul’isa.

Brown,(2003) tajaajilaan walqabsiisee yoo ibsu,’’Examination covers a large area of contents.It is given at end of a course or semester.Its main purpose is to assign grade.The number of items included coud be large” jedha. Qormaanni gaaffilee gosa gara garaa kan qabiyyee bal’aa qabatu ta’ee yeroo baay’ee dhuma koorsii yookiin walakkaa waggaarratti kan kennamudha. Qormaanni qabxii barattootaarratti murtii kennuufis isa bu’uurati, jechuun addeessa. Qormaanni adeemsa saayinsaawaa qoramtoonni sadarkaa beekumsaa qabaachuu qaban irra gahuu isaanii ilaaluuf gaaffii gaafatamaniidha.

Qormaanni afaanii madaallii shaakalaa fi qo’annaa dandeettii nama dhuunfaa akka gaariitti itti fayyadama afaanii keessatti. Qormaanni amala qoramtootaa qabiyyee ulaagaa taa’e waliin karaa sirriitti deemuu isaa ilaaluuf kan qophaa’udha. Qormaanni kaayyoo wal ta’a kan qabu adeemsa madaallii dandeettii hojii qoramtootaa guutuuf yookiin naannoo dandeettii isaanii addaan baasuuf kan kennamudha,(Kifle 1995;46).

Walumaagalatti qormaanni garee safartuu ta’ee adeemsa walitti qabuu odeeffannoo murtii kennuuti. Ciminaa fi haqinnawwan barattootaa osoo hinbeekiin barsiisuun barsiisaan yeroo baay’ee gara sirrii hin taanetti akka barsiisu godha. Madaalliin meeshaa dandeetti safaruufi madaalamudha. Madaalliin barsiisaan haala ittiin barsiisu mijjeessee hojii isaa caalaatti fooyyeessuun barattootni akka fayyadaman gochuu kan dandeessisudha. Akkasumas, qormaanni dhimmoota barattootaan walqabataniif odeeffannoo ni kenna.

## 2.2 Qormaata Afaanii

Tasfaaye,(1981:54), Alderson et al,(1995:541), waabeffachuun yemmu ibsu, waa’ee qormaata afaanii yemmu ibsan, qormaanni afaanii dandeetti afaanii barattootaa wajjiin ragaalee walqabate argachuuf kan dandeessisuudha. Qormaanni afaanii dandeetti barattootaa kan duraa, sadarkaa irra gahan safaruuf, gahumsa irra jiran ciminaafi dadhabina safaruuf meeshaa nama dandeessisuudha jechuun hubachisan,(Oller 1979:321), Namni baay’een qormaata afaanii yemmuu jedhamu barattoonni dandeetti afaan biyya alaa qofa kan qoraman jechuun yaadu.

Haata'u malee qormaata afaanii jechuun namni tokko barnoota barate hangam takka hubate jira? kan jedhu meeshaa ittiin beeknuudha.

Akka ibsa Bachman,(1990:423) fi Ur,(1996:311), qormaata afaanii yemmu jennu barumsa afaanii tokkoof safartuu madaalli adda duree ta'ee barumsa afaanii barattoonni hangam takka akka hubatan meeshaa ittiin mirkaneeffannuudha. Meeshaan kun ragaalee tarreeffamaan kan kennu yemmu ta'u barattoonni gama dandeetti afaanii yookaan gama beekumsaan sadarkaa irra jiran qoraaf kan eeru, adeemsa barnootaa irratti dandeetti qaban beekuufi bu'aa isaanii safaruuf qormaanni barbaachisaadha.

## 2.3 Seenaa Qormaata Afaanii

Seenaa qormaata afaanii ilaalchisuun Brown,(1994:261), Spolsky,(1978:143), waabeffachuun yemmu ibsu, yeroo qorumsa afaanii sadi adda addaan baasuun nu agarsiisa. Isaanis: "prescientifi period, The psychometric structuralis fi The psycholinguistic sociolinguistic"jechuun qoqqooda. Qoqqoodinsi isaanis kaayyoon qormaata maal madaaluu barbaadame akka kennamu godhachuuniidha.Bu'uura kanaan "Pre-scientific period'n qormaata sivil sarvisii chaayinaa wajjiin kan wal qabatuufi ta'insa baroota kuma lamaati. Haata'u malee qormaanni afaanii guca har'a irra jiru kana qabaachuu kan danda'e jaarraa 18ffaa Tirippoos kambiriij(CambridgeTripos) keessatti akka ta'e ibsu. Waqtii kanatti qormaanni afaanii tiwoorii afaanii bu'uura kan godhate hinturre.

Waqtiin lammaffaan "psychometric-structuralist" kan jedhamu yemmuu ta'u, kunis bu'aan gumaache agarsiisa gaariidha. Waqtii kana kan qoramu (kan madaalamu) muummee afaaniin kan adda baheefi kaayyoon qormaataas mala madaalliin bara adda bahe dha. Waqtiin afaanii sadaffaan "The psycholingistic sociolinguistic" yeroo kanatti qormaanni afaanii adeemsa saayinsaawaa kan hordoofe akka ta'u waliigaltee irra kan gahame akka ture ibsu. Waqtii kanatti barumsi afaanii dubbachuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qormaannis kan dhiyaatu dandeetti afaanii walitti makuun (integral) bifa ta'eeniidha.

Heaton,(1988), qorumsi afaanii sadarkaan guddina isaa afaan barsiisuu waliin sirritti kan wal qabateedha. Afaan baruu barsiisuu keessatti adeemsi guddina sadarkaa qormaata afaanii afur akka jiru eeraniiru. Adeemsa qormaata afaanii keessatti kan jalqabaa mala barreeffama jijjiiru (The essay translation approach) kan jedhamuudha. Qormaanni afaanii kun mala seerluga jijjiiruu(The Grammer translation method) wajjiin walitti dhufeenya qabu. Duras kan jiruufi barreeffamoota babal'aa jijjiiruufi seerluga afaaniirratti kan xiyyeeffatu haala dhiyaatinsa

qormaataati. Kanatti fufuun qormaanni afaanii kennamaa ture mala caasawaa(The structuralist approach) kan jedhamu yoo ta’u, kun immoo hanga.

### 2.4 Walitti dhufeenya barnoota afaaniifi qormaata afaanii

Barnoonni afaanii fi qormaanni afaanii walitti hidhamiinsa cimaa kan qaban ta’uu,(Heaton 1975:132) yemmuu ibsu, yeroo duraanii irratti qormaata afaaniifi barnoota afaanii adda baasanii ilaalaa kan turan ta’uu tuqan. Haata’u malee, qormaata afaaniifi barnoonni afaanii walitti dhufeenya cimaa kan qaban, tokko tokkorraa adda bahee ilaallamu kan hindanda’amne ta’uu ibsu.Qormaanni afaanii, bal’ina qaban xiyyeeffannoo kan taasisan waytii ta’insaa guyyaa guyyaa keessatti fayyadamiinsa afaanii irratti hundaa’anii waan ta’eef gocha barsiisuuf bu’aa olaanaa qabaata. Qormaatonni waliigaltee gaarii ta’an adeemsa baruu barsiisu keessatti walitti dhufeenya haqummaa ta’eefi gargaarsa kan qaban ta’uu ibsuun qormaata afaaniifi barnoota afaanii walitti dhufeenya isaanii akeekanii jiru.

Bachman,(1990:321), walitti dhufeenya lamaanii ilaalchisee, qorumsi afaanii galma ga’insa baruu barsiisuuf haala gaariin deemuusaa kan keessatti hubatamuudha. Akkasumas, baruufi barsiisuun gaggeeffame akka gabbatu gochuuf gargaara jedha. Walumaagalatti ibsa kanarraa hubachuun kan danda’amu barnoonni afaaniifi qormaanni afaanii walitti dhufeenya kan qabaniifi adda bahanii kan hin ilaalamne ta’uudha.

### 2.5 Faayidaa Qorumsa Afaanii

Qorumsi afaanii tajaajila adda addaatiif oola. Tajaajila qorumsa afaaniirratti yaadonni hayyoota ibsameera.Isaanis: Murtii sagantaa barnootaa kennuu keessatti akka madda odeeffannoo kennuufi agarsiistota ga’umsawwan qorannoo afaanii, afaan baruufi barsiisuu keessatti barbaadamaniitti gargaara. Sagantaa barnootaa keessatti faayidaa guddaan qormaata afaanii firii qorumsaa madaallii(waa’ee sagantaa) namootaa irratti murtii kennuu wajjin kan walqabatudha,(Bachaman1990:54).

McNamara,(2000:3) faayidaa qorumsa afaanii yoo ibsu, “Language tests play a powerful role in many people’s lives, as acting as gate ways at important transitional moments in education, in employment, and in moving from one country to another,” jedha. Kana jechuunis qorumsi afaanii jireenya dhala namaa keessatti ga’ee guddaa taphata. Kunis sadarkaa barnootaa tokkoo gara isa itti aanuutti darbuu keessatti, qacarrii hojiifi biyya tokkoo gara biyya biroo deemuu keessatti akka furtuutti tajaajila. Karaa biroon Allison,(1999:111) faayidaa qorumsa afaanii yommuu ibsu,“purposes of language test:diagnosis and feedback/screening and selection/

placement/program evaluation/providing research criteria/ assessment of attitudes and socio psycholgical differences," jedha.

Akka ibsa kanaatti immoo faayidaan qorumsa afaanii ciminaafi dadhabina adda baasuuf, yaad deebii kennuuf, to'annoof, ramaddiif, madaalii sagantaaf, ulaagaa qorannoo kennuuf, madaallii garaa garummaa xiinsammuu hawaasummaafi ilaalchaa geggeessuuf tajaajila. Kana malees, Byrne,(1984) yommuu ibsu,"Language tests have many uses in educational programme and quite often the same test will be used for two or more related purposes" jedha. Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, qorumsi afaanii sagantaa barnootaa keessatti faayidaalee hedduu qaba. Akkasumas, gosti qorumsa afaanii tokko faayidaalee walfakkaatoo lamaafi isaa ol kennuu danda'a. Walumaa galatti faayidaan qorumsaa afaanii;barattoonni barnootaaf qophaa'uu adda baasuuf nigargaara. Qorumsi barattootaa addaan fo'uu yookiin barattoota warra kamtu sagantaa barnootaa tokkoof akka qophaa'aniifi isaan kamtu akka hin qophoofne adda baasuuf tajaajila. Barattoota akka dandeettii isaaniitti ramaduuf nitajaajila. Gosti qorumsaa akkasii ga'umsa barattoonni dandeettii afaanii isaan horatan irratti hundaa'uun kutaa murtaa'aa tokkotti ramaduuf gargaara. Ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuuf. Dandeettii waliigalaa barattootaa madaaluuf, kaayyoon barnootaa galma ga'uu isaa madaaluuf akkasumas ga'umsa barnootichaa madaaluuf ni tajaajila

### 2.6 Sirrummaa Qormaataa Afaanii

Sirrummaa ilaalchisee beektoonni yaadaa gara garaa yeroo kennan mul'ata. Kanneen keessaa Fulcher and Davidson,(2007), Henning,(1987:211) wabeeffachuun yeroo ibsan, qormaata tokko yeroo qopheessinu wanti tokko akka madaalamuuf yookiin akka safaramuuf dursinee yaaduutu nurra jira. Wanti yaadnu kun sirrii fi mirkaneessaa kan itti mirkaneessinu qormaanni karoora karoorfameef sirriitti galma ga'ee jiraa? jennee yeroo gaafannu deebiin argannu sirrummaa(vildity) jedhama. Yaalaw,(2004:32), amala qormaata kanaa sirrummaa jedhanii moggasniiru. Waa'ee amala kanaa yeroo ibsan, mala ragaa tokko sassaabuuf ragaa yaadame karaa yaadame karaa guutuu fi haala barbaachisaan sassaabuuf akka dandeessisu kan akeekuudha. Dabalataanis, meeshaa tokko fayyadamuun ragaa hangam takka akka yaadame karaa sirraa'een walqixxaa'een hiika karaa qabuunii fi fayyadaa karaa ta'een yaada waliigalaa irra ga'uuf akka danda'ame kan agarsiisuudha. Desalegn and Girma (2009:34) yemmu ibsan, qormaataafi meeshaalee madaallii kan biroo yemmuu qopheessinu gaaffii baay'ee barbaachisaa ta'e, gara qabxiitti yemmu jijjiiramu hangam bu'aa qabeessa, hiika qabeessaafi hojiirra oolmaan kaayyoo barattootaaf faayidaa maali qaba? Barbaachisummaa kan ibsu,

madaalliin kan irratti xiyyeeffatamu qabiyyee jalqaba madaalliif irratti kaayyeeffatameedha. Fknf akkaata qajeeltoo barbaachisummaatti, dandeettiin barreessuufi dubbachuu barattootaa qormaata tokko irratti hin madaallamu jechuun kaayaniiru. Walumaagalatti ibsa kanarraa kanhubannu meeshaan tokko ragaa barbaachisaa sassaabuuf yoo dandeessise barbaachisaa (sirrii) dha jechuun ni dandeessisa.

Sirrummaan qormaata yeroo baay'ee qabiyyee barattootni baratan, muxannoo barattootaa fi sadarkaa barattootaa waliin walsimuu fi walsimuu dhabuu isaati ilaallata. Kana malees, sirrummaa qormaataa kan mirkanaa'u: qormaanni tokko waan qoruu barbaade yoo qoruu danda'ee fi qabiyyee barnootichaa fi kaayyoo barnootichaa waliin kan walsimu yoo ta'edha. Barattootni qormaata qoraman sirrii dha jedhanii kan fudhatanii fi kan itti gammadan yoo ta'e;Bachman;(1990:231), "Validity refers to means of cheeking a test wheather it meansure the intended learning outcomes or what it claims,or purports to be meaning" Walumagaalatti ibsa kanarraa kan hubannu meeshaan tokko ragaa barbaachisaa sassaabuuf yoo dandeessise barbaachisaadha jechuun ni dandeessisa. Qormaata tokko sirrummaa isaa mirkaneessuuf kan itti tajaajilamnu gosoota sirrummaa karaa adda addaan kan jiran yoo ta'u beektonni hedduun irra deddeebi'anii kan kaasanii fi adeemsa baruu barsiiuuf barsiisonni sirrummaa qormaataa sakatta'uuf kan gargaaraman gosoota sirrummaa armaan gadii dhiyataa .

**A.Sirrummaa Qabiyyee (Content Validity)**

Beektonni adda addaa sirrummaa qabiyyee qormaataa haala kanaan ibsu. Kanneen keessaa Bachman,(1990:46) sirrummaa qabiyyee yoo ibsu "The extent to which the selection of tasks,one observes in a task taking situation is representative of the larger set of tasks of which the test is assumed to be a simple." Akka yaada kanaatti adeemsa qormaata qopheessuu keessatti gaaffilee amma barbaachisan filachuun kan qabiyyee barnooticha bakka bu'uu ta'uu qaba. Haaluma kanaan qormaanni tokko sirrummaa qabiyyee qaba kan jedhamu yoo dhimmoota qabiyyee barnootaa baratame haala wal madaaluun kan bakka bu'u ta'eedha. Akkasumas, kaayyoolee barnootaa kan calaqqisiisu yoo ta'e qormaatichi sirrummaa qabiyyee qaba jechuudha.Oller,(1979:44),''The validity of test is related to how well the test does what is supposed to do namely.''Qormaanni tokko qabiyyeen isaa sirriidha kan jedhamu yoo waan qoruu barbaanne tokko yoo qoruu danda'eedha. Klein Braley,C.(1985:192).Akka jedhutti,´´A test is said to have content validity if its content constitutes a representative sample of the language skills, structures,etc.With which it is meant to be concerned" Kanaafuu,Qabiyyee barumsichaa fi kaayyoon barnootichaa waliin kan walsimu yoo ta'edha.

Alderson et al. (1995:321), barbaachisummaa qabiyyee qormaataa yemmu jedhamu qabiyyeen qormaataa haala gaariin tarreeffaman bakka bu'aniifi barbaachisummaa kan qaban dandeettiiwwan afaanii qabaachuu ykn qabaachuu dhabuu wajjiin kan ilaallamu ta'u yoo jadhan: Hughes(1995:33), gama isaaniitiin qormaanni tokko barbaachisummaa qabiyyee akka qabu kan beekkamu safaruuf wanta karoorfameef sirritti safaruu danda'u isaafi adeemsa baruu barsiisuu irratti dhiibbaa geessisuu danda'u ta'uu isaa kahaniiru. Weir;(1990:11), "Qorumsa afaanii keessatti maal akka qoruun barbaachisuufi attamitti akka qoruun ta'uu, addaan baasanii beekuun dhimma baay'ee barbaachisaadha" jedha. Yaadni kun akka ibsutti barbaachisummaa qabiyyee dhugoomsuuf caasaa ifaa qabiyyee barnootichaa qopheeffachuun adeemsa sirriifi qabatamaadha. Caasaan qophaa'u kunis qabiyyee utuu qophaa'aa jiru qorumsaaf karoorsuu keessatti gosa qorumsa hammachiisuu qabuuf baay'ina gaaffii gosa qorumsa hundumaa keessatti qopheessuu qabu yaada keessa galchuutu irra jira

Akka Fulcher & Davidson (2007:34) ibsanitti, barbaachisummaa kanaa gaaffii qormaataa tokko tokkoon dandeettiiwwan afaanii hunda yookiin bakka bu'insa qabiyyee ni mirkaneessa. Gama biraatiin waytii barnootaa qabiyyeen barnootaa xiyyeeffannoo argate qormaata keessatti irra caalaatti xiyyeeffannoo argachuu akka qaban nu hubachisu. Brown (1981:17),akka jedhutti, Qorumsi qabiyyeewwan barattootni baratan kan qabatee fi dandeettii barataa yoo kan madaluu ta'ee, qorumsichi sirrummaa qaba jechuudha. Wamtoota bakka bu'uu danda'uu hunda isaanis kan hammate jechuudha.Walumaa galatti, qabiyyeen qormaata barattootaaf dhiyaatu barattootni barumsa baratan irraa duub-deebii kan irraa argamu ta'uutu irra jira jechuun ibsaniiru.

**B, Sirrummaa Ijaarsaa (Construct Validity)**

Qormaanni kaayyoo/galma/ barbaadameef madaaluuf barbaachisummaan qabu maal akka fakkaatu ilaala. Ibsa birootiin qormaanni tokko dandeettii afaanii barbaadame yookiin ga'umsa madaaluu danda'uun kan itti mirkaneessinuudha. Kunis, barsiisonnifi ogeeyyiin barnootaa kan biraa akkasumas, barattootni waa'ee qormaataa yaada kennanii dha. Kunis, qormaanni tokko barbaachisummaa bifummaa qaba kan jedhamu qaamni gubbaarratti tuqaman yaadni kennanni qormaanni dandeettii barattootaa kan madaalu ta'ee argameera yookiin hin argamne, barattootaaf baay'ee ulfaataa yookiin baay'ee salphaa ta'ee argameeraa kan jedhamanu dabalata (Harrison 1983).

**C. Sirrummaa Ulaagaa (Criterion Validity)**

Qormaanni tokko qabiyyee yeroodhaaf qoruu barbaanne barattootaaf qabxii kennine tokko yeroo biraas dandeetti barattootaa sana kan agarsiisu yoo ta'e sirrummaa qaba jechuun ni danda'ama. Gosti sirrummaa kun kennan qormaanni kun barattoota sirriitti madalaaa jiraachuu isaa ragaadha. Walitti dhufeenyi sun hamma cimaa ta'etti hamma sirrummaan qormaataa yeroo wal fakkaatutti guddaatu.

**D. Sirrummaa Yeroo Fuulduraa (Predictive Validity)**

Firiin qormaata tokko eenyummaa fuulduraa fi sadarkaa barataan sun fuulduratti irra gahu kan agarsiisu yoo ta'e, sirrummaa yeroo fuulduraa qaba jedhamu danda'a. Mala amansiisaa kan biraan sirrii ta'uu dhugoomsuu ulaagaa/tilmaamaatti. Malli kun kan wal fakkaata, hariiroo barattoota gidduu jiru kan madaaluu ta'uu isaatiin raawwiin qormaata irrattifi haala qabatamaa isaanii akka barsiisaa yookiin barsiisaa hin taaneetti. Haata'u malee, sirrummaa ulaagaa waliin walitti dhufeenya qabxii qormaataa egeree qoratamaa tokkooti raawwii akka barsiisaatti kan tilmaamame. Jecha biraatiin tilmaama sirrummaa gaaffii, "Qormaanni haala qormaataa gara fuulduraa hangam tilmaama"jedhu ilaala. Gosa sirrummaa kanaaf, walqabsiisni shallagamu barattoota giddutti qormaata irratti hundaa'uun akka barsiisatti ramaduu fi raawwii hojii isaanii boodarra, tarii hojii irratti. Gosti sirrummaa kun keessumaa faayidaa qaba. Kaayyoo qormaataa kan akka filannoo yookiin galmee.

**E. Sirrummaa fuula qormaataa (Face Validity)**

Barataan qorame dandeetti safaramuu barbaadame kan safaramedha jedhee yoo fudhate. Barataan qorame qormaata sirriidha jedhee yoo fudhate fi itti gammadan yoo ta'e. Qajeelfama ifa ta'ee yoo qabate. Akkasumas, sadarkaan ulfatina isaa sirrii yoo ta'e yookiin waan hin eegamne tokko yoo qabaachuu baate. Kanaafuu, yeroon ramadameef sirrii yoo ta'edha.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorattuun sirrummaa qabiyyee qormaataa xumuraa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa bara 2014 kitaabaa barataa kutaalee kanaa waliin walbira qabuun qaacceessuu irratti fuulleffattee qorannoo kana gaggeessiteetti. Qormaanni tokko waan madaaluu barbaanne sirriitti yoo madaaleefi kaayyoon yoo walsimate gahumsa qaba jedhama. Sababni isaas qormaanni tokko kan madaaluu danda'u waan madaaluuf kaayyeffame malee kan biraa tahuu hinqabu. Sirrummaan haala walii galaan yeroo ilaalamu, fudhatama qabaachuu qormaata kennamee yookiin dameelee hammachuu qabu handhuura godhachuun waan madaaluun irra jiru madaaluu jechuudha.

## 2.7 Qabatamummaa Qormaata Afaanii

Qabatamummaan hojiidhaan wantoota qabatamaa ta'an meeshaalee qormaataaf dhihaatani dha. Qabatamummaan qormaata akkamitti hojiirra akka oolu irratti kan xiyyeeffatudha. Qornaanni qabatamummaan isaa mirkanaa'ee: baasii baay'ee gaafachuu hin qabu, yeroo ramadame keessatti kan raawwatanu ta'uu qaba,bulchiinsa qormaataatiif salphaa ta'uu qaba, tartiiba soroorsuu ifa ta'ee fi kan yeroo kenname keessatti soroorfamee dhumu ta'uu qaba. Kanaafuu, qormaanni tokko qabatamaa akka ta;u:- Haalli raawwii isaa/bulchinsa qormaataa/ ifaan ifatti beekkamuu qaba. Barattootni amma danda'ameen yeroo kenname keessatti xumuru akka danda'an gochuu, Qormaatichi rakkoo malee kan qoramuu danda'u ta'uu qaba ,wantoota fi meeshaalee barbaachisan dursanii qopheessuu, baasiin isaa baajata ramadame waliin akka walsimu gochuu, haalli soroorsuu isaa yeroo barsiisaan qabu waliin kan walsimu ta'uu qabu fi malli firiin isaa ittiin gabaafamu dursee murtaa'uu qaba."Practi-cality refers to theeconomy of time,effort and money in testing.In other words,a test should be easy to design ,easy to administer,easy to mark and easy to interpret the results"(Bachman and palmer,1996:36). Akka yaada kanatti qabatamummaa jechuun akkaataa itti fayyadama yeroo, akkaataa hojiirra oolma qormaataa carraaquu fi baasii qormaataaf barbaachisu jechuudha. Karaa biraatiin, qormaataa haala salphaa ta'ee wixinneeffamuu haalli adeemsisaa salphaa, akkaataan kenninsa qabxii salphaa fi akkaataa qabxii itti ibsan salphaa ta'uu qaba.

Kunis qormaanni akkamitti akka kennamu karoorsuufi akka galma ga'u qindeessuun kan raawwatudha. Qormaatni tokko yeroo ammamii akka barbaachisu, wantoota qindaa'uu qaban meeshaalee qormaataaf barbaachisan qopheessuu namoota qormaataaf barbaachisan baasii qormaataaf barbaachisuufi waan kana fakkaatan dursanii hubachuun kan raawwatudha. Innis waan qabatamaa ta'ee irratti xiyyeeffachuun kan raawwatamudha. "Test that is practical it needs to be with in the means of financial limitations,appropriate time constraints,easy to administrator,score,and interpret."Brown (2004).

Akka yaada kanarraa hubannutti qormaanni waan yaada utuu hinta'iin,waan gochaa fi hojiidhaan qabatamaa ta'e irratti xiyyeeffachuun hanqina mallaqaa tokko malee, yeroo gaarii ta'een kan daangefamee, akkaataa hojiirra oolmaa isaa salphaa kan ta'ee fi qabxii haala ifa ta'een ibsamuu kan barbaachisudha.

Qabatamummaan amaloota qormaata gaarii keessaa tokko ta'ee qormaanni tokko bakka murtaa'etti haala hojiirra oole ilaala. Kana ilaalchisee Harrison (1983) fi Brown (1994) yemmu ibsan qabatamummaan qormaanni tokko meeshaalee barbaachisu yeroo ta'insaafi baasii

akkasumas adeemsa qormaataarratti kenninsi qabxiifi qormaatoonni wayti qoramanitti haalota bulchisaa jiran ilaalcha keessa kan galche ta'uunirra jira jedhaniiru. Walumaagalatti qabatamummaa yemmu jedhamu qophii qormaataa irraa jalqabee qormaatichi barattootaaf dhiyaatee hanga kennamuutti erga kenname boodallee soroorsuufi yeroo kenninsa qabxii haala jiru hunda kan ilaallatu amala qormaataati.

### 2.8 Amanamummaa Qormaata Afaanii

Jecha amanamummaa jedhuuf hayyoonni garaa garaa hiika kennuufi yaalaniiru. Haaluma kanaan Fraas'(1993:64) akka hiikutti "Reliability refers to how accurately the test measures whatever it measure."Akkuma yaada kanarraa hubatamutti amanamummaa jechuun sirrummaa qormaata tokko wanta safaru sanaaf ta'uusaati. Taiwo;(1998:8) yaaduma kana yoo ibsu, "reliability the consistency with which an instrument (e.g. a test) measureswhat it claims to be measureing." Akkasumas, Bachman (1990:161) "reliability means that the finding would be consistently the same if the study was done over againg."Hiikni amanamumma hayyoota armaan oliin kennaman bifa adda addaatiin haa ibsamanniiyyu malee hundi isaanii yaadrimee tokko qabu. Kunis, amanamummaan irra deddeebiifi fufiinsa waan tokkoo bifa walfakkaatuun argamuu danda'uu kan agarsiisun akka ta'e irratti walii galu. Qormaanni tokko amanamummaa qaba kan jedhamu qormaatichi barattoota daree wal fakkaataa baratan haala wal fakkaataa keessatti irra deebiin fudhatanii bu'aan isaanii wal fakkaataa yoo ta'eedha.

Haaloota qormaata keessaa amanamummaan isaa tokko. Ibbis kan namni gara garaa qormaatuma bifa adda addaatiin kan namni tokko yeroo garaagaratti qormaata tokkon qabxii walfakkaataa fiduu isaanii kan agarsiisudha. Amanamummaan yeroo qofaan qormaata tokko barattootuma duraa qormaata fudhatan irra deebisnee yoo qorree firiin qormaata isaanii isaa duraan tokko yookiin kan walitti dhihaatu yoo ta'e; qormaatichi amanamimmaa qaba jechuudha.

Amanamummaan firiin qormaata jijjiiramuu dhabuu isaati. Amanamummaan meeshaa qorannoo kan yeroo irra deddeebi'amee yaalamu bu'aa walfakkaatu argamsiisudha. Amanamummaan waraqaan gaaffii tokko irra deddeebi'amee barattootuma sanaaf yoo kenname bu'aa hin jijjiirame kan agarsiisudha. Qormaanni tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo irrra deddeebi'amee yeroo gara garaa barattootaaf kenname bu'aa walfakkaatu argamsiisedha. Qorumsi tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo firiin qorumsa sanaa yeroo murtaa'e tokkotti argame kan yeroo biroo haala wal fakkaatu keessatti keessatti argame wajjin amma danda'ametti walfakkaata ta'edha.

Yaada kana Oller,(1979) yoo ibsu, “The reliability of a test is a matter of how consistendy it produces similar result on different occasions under similar circumstances”jedha.Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda’amu, qorumsi tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yeroo adda addaatti haala wal fakkaatu keessatti kennamuun yoo firii wal fakkaatu qabaatedha. Amanamummaan qormaata tokko akka fiixaan hin baaneef wantonni armaan gadii gufuu ta’an: Fedhii dhabuu, kaka’umsa dhabuu, kennisa qormaataarratti nuffii agarsiisuu, qormaata kennamu irratti ilaalcha sirrii ta’e qabaachuu dhiisuu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, muuxannoo dhabuu fi kan kana fakkaatanidha.

### 2.9 Gosoota Gaaffii Qormaataa Afaanii

Qorannoo qormaata afaanirratti gaggeeffaman adda addaa irraa akka hubatamutti gosti gaaffii hojiirra oole bu’aa barattootaarratti dhiibbaa qabaachuu danda’a. Gosoonni gaaffii adda addaa barattoota garaagaraatiin haalli isaan itti ilaalaman garaagara. Kana jechuun barattoonni tokko tokko gaaffii deebii gabaabaa irratti firii gaarii yoo galmeessisan barattoonni kan biroo ammoo gaaffii filannoo irratti firii gaarii galmeessisu. Gosoota gaaffii hedduu isaaniitti fayyadamne qormaata yoo qopheessine qormaatichi baay’ee barbaachisaafi milkaawaadha. Gosoonni gaaffii dandeettii afaanii isa tokko qoruu danda’u isa biraammoo qoruu dhiisu danda’a.

Yaada kanaan yaada walsimu Alderson,(1995) yoo ibsu “… it is likely that particular test methods will lend themselves to testing some abilities, and not be good at testing others.” Akka yaada kanarraa hubannutti dandeettii tokko gosa gaaffii tokkoon qoruu akka dandeenyuufi gosa gaaffii tokkoon dandeettii hunda qoruu akka hin dandeenyedha. Yaada kanaaf akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, gosa gaaffii filannootiin akkaataa barataan tokko jechoota itti sagaleessu qoruun rakkisaadha. Alderson itti fufuun“In general,the more different methods a test employs, the more confidence we can have that the tset is not biased towards one particular method or to one particular sort of learner.” Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti gosoota gaaffii adda addaa qopheessuun qormaanni dhiibbaa barattoota tokko tokkorratti akka hinfinne hambisuun nidanda’ama jechuudha.

### 2.10 Walitti Dhufeenya Afaan Barsiisuufi Afaan Qoruu

Afaan barsiisuun jiraanaan afaan qoruunis nijiraata. Afaan qoruun karaa tokkollee afaan barsiisuurraa karaa ittiin addaan bahu hinqabu. Afaan qoruun calaqqee haala ittiin afaan barsiisnuuti. Yaada kana Kifle,(1995) yeroo ibsu, “In no way should testing be separated from teaching. Testing should be a reflection of the way we teach,” jedha. Qormaanni sadarkaa

kutaa, adeemsa barsiisuu keessatti ciminaafi hanqina barattootaa beeknee mala ittiin barsiisnu murteessuufi kallattii waliigalaa sagantichaa agarsiisuuf tooftaa nu dandeessisudha.

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti afaan barsiisuu fi qormaata gidduu walitti dhufeenya jabaatu jira. Walitti dhufeenyi isaanii kunis kan walkeessa seeneefi kan addaan bahuu hindandeenye waan ta'eef ilaalcha garaagaraa kaa'uun ulfaataadha. Barnoonni walitti fufinsaan deemu hundi qormaata akka dameetti fudhatee deema. Kanaaf,barsiisuufi qoruun kan walirraa addaan bahuun deemuu hindandeenyedha.

Qormaanni qophaa'u tokko hidhata baruufi barsiisuu waliin hidhata cimaa qabaachuu qaba. Haalli qormaanni itti gaggeeffamu kan yeroo durii kan ammaa irraa adda ta'uusaati. Kunis qormaanni yeroo ammaa qophaa'u walqunnamtii bu'uura taasifachuun ta'uutu hubatama.

Yaadolee kanatti dabaluun barsiisuufi qoruun waldeeggaraa walfaana akka isaan deeman beekunis barbaachisaadha. Kana jechuunis, kitaabni barnootaa fi tooftaan barsiisuu yoo jijjiiramu, akkaataan qormaataafi qabiyyeenis nijijjiirama. Kun immoo, walitti dhufeenya gidduu isaanii jiru jabeessa. Bachman,(1990) faayidaa qormaataafi barbaachisummaa walitti dhufeenya afaan barsiisuufi qoruu gidduu jiru yeroo ibsu: "Language tests can be valuable sources of information about the effectiveness of learning and teaching. They can also be used as sources of feedback on learning and teaching." jedha. Hiikni isaas qormaanni afaanii galmaan ga'iinsa baruu barsiisuu haala gaariin deemuun isaa kan keessatti hubatamudha. Akkasumas, baruu barsiisuun gaggeeffame akka gabbatu gochuuf gargaara kan jedhudha. Kanaafuu, qormaanni qabiyyee gurguddoo ta'an kan yeroo barnoonni gaggeeffamu irra darbaman kan keessatti irra deebi'anii hubatamaniifi kan keessatti jabeessaniidha. Kana malees, barnoonni daree keessatti gaggeeffamu gara fuula duraatti haala gaariin akka fooyya'u gochuuf yaada barbaachisoo ta'an argachuuf gargaara.

Qoruu keessatti barsiisaan gaaffilee itti aananiif deebii argachuu danda'a: Barattoonni dammaqinaan hirmaachuufi hirmaachuu dhiisuu isaanii beekuu ni danda'a. Dhiyaatinni(approach) isaanii gaariifi badaa akka tahe, kaayyoon barnootaa galmaan gahuufi gahuu dhiisuu isaa deebii argata. Egaa, barsiisuufi qoruun gochaalee walkeessa jiranidha. Heaton,(1990:8) Walitti dhufeenya gochaawwan kanaa yeroo ibsu, "Both testing and teaching are so closely interrelated that it is virtually impossible to work in either field with out being constantly concerned with the other." jedha.

Qoruufi barsiisuun kan walmalee jiraachuu hin dandeenyeefi faayidaa waliinii qabaachuu isaanii beektonni baay'ee irratti waliigalu. Bachman,(1990) qoruun adeemsa barsiisuuf bu'aa akka qabu ni amana. Qoruun karaa barsiisaan duub deebii(feed-back) ittiin argatu keessa karaa isa tokkodha. "Language tests are frequently used as source of information in evaluating the effectiveness of different approaches to language teaching as a source of feed-back on learning and teaching. Language tests can thus provide a useful input into the process of teaching," jedha. Kanarratti qabxiin guddaan, gosti qormaataa haalaan mijaawaafi ijaaraa ta'uu qaba. Kana yoo hinta'iin barsiisaan, barataaniifi hojjetaan bulchiinsaa biraan dogoggora keessa seenuu danda'u. Qormaanni dogoggoraan barsiifata qo'annaa barataa gara dogoggoraatti geessa. Yaada kana Nugussie,(2002) yeroo ibsu, "The point here is the kind of test should be of very appropriate and very constructive, otherwise teachers, students and other administrative works may be mis lead. Invalid tests may direct students to wrong study habits. The relationship of teaching and testing is said to be backwash effect",

Ogummaan barsiisummaa fooyya'insa qormaatarratti karaa sadiin gumaacha godhuu nidanda'a: ofii isaanii qormaata gaarii barreessu; namoota biraa adeemsa qormaataa keessatti hirmaatan gargaaruu danda'uufi qormaata isaanii akka fooyyessan gabatee qormaataafi ogeessota qormaataarratti dhiibbaa godhuu nidanda'u. Hughes,(1989:18) yaada kan yeroo ibsu: "I believe that the teaching profession can make three contributions to improvement of testing: they can write better tests themselves; they can enlighten other people who are involved in testing processes; and they can put pressure on professional testers and examining boards, to improve their tests." Walumaagalatti, qormaata gaarii jechuun barsiisuu gaarii jechuudha; barsiisuu gaarii jechuun barachuu gaarii jechuudha. Tooftaan qophii qormaataa gaariin fooyya'ina barnoota fida. Garuu, qophii qormaataa yaraan qulqullina barnootaa fooyyessuuf gufuu ta'a. Egaa qormaanni barsiisuufi barachuu gaarii yoo cimse qajeelfama barsiisuufi barachuu gaarii waliin itti fufuu qaba. Kanaaf qormaanni qophaa'u sirrummaa qabiyyeefi ga'umsa qabaachuu qaba.

### 2.11 Qormaanni yoo Qophaa'u maal maal bu'uurreffata

Qormaanni tokko yeroo qophaa'u kaayyoo maaliif akka adeemsifamu bu'uura godhachuu qaba. Heaton,(1990) akka ibsutti, waa'ee kaayyoo qormaataa irratti, "Qormaata yeroo barbaadametti qoruu yoo barbaadne maaliifi maal qoramuu akka barbaadne beekuun barbaachisaadha. Yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeettii afaanii akkam akka hubatan yookaan barattoonni fooyy'insa jiran madaaluufi hubachuuf jedhamee qormaata niqoramu jechuun ibsaniiru. Qormmaanni tokko yoo qophaa'u qulqullina qabaachuufi ogummawwan afaanii arfan bu'uura godhachuun qophaa'uu qaba. Waan dhokataafi barattoota kan dogoggorsu ta'uu hin qabu. Sirriitti ifa kan ta'eefi dandeettiiwwan kan of keessatti hammate ta'uu qaba.Qorumsi barattootaaf kennamu xiyyeeffannaa doomeenii sadan bu'uura godhachuun qophaa'uu qaba. Isaanis beekumsa xinsammuu, ilaalcha, yaadqalbii irratti hundaa'ee haala amala barnoota kennamuutiin qophaa'ee kennamuu qaba.

Qorumsi qophaa'u akkaataa ga'umsa barachuu isa barbaadamuu irratti xiyyeeffatee domeenii hubannoo keessaa yoo xinnaate kaayyoo sadii irratti hundaa'e haala gabatee tarreeffama qajeelfama waliigalteetiin qophaa'uu qaba. Kaayyoleen barachuu fakkeenyaaf beekumasa, hubannoo, hojii irra oolchuu, gocha walitti fiduu, xiinxaluu, madaaluu ta'anii yeroo boqonnichi fudhate, boqonnicha xumuruuf xiyyeeffannaan barsiisaan kenne gadi fageenyaan hagam akka barsiifame, mala barsiisuu boqonnichaaf qabameef xiyyeeffannaa kenna,Labsii BBO lakk.199/2008:5 Akkasumas, qormaanni tokko yoo qophaa'u sadarkaa barattootaa dandeettii isaanii, qabiyyee kitaaba barattootaa bu'uura godhachuun qophaa'u qaba. Salphaa kan ta'eefi qulqullina kan qabu ta'uu qaba. Qormaata keessatti jechoota nuti fayyadamnu ifa kan ta'eefi sirriitti kan dubbifamu, sirna tuqaalee bakka barbachisutti sirnaan fayyadamuun qophaa'uu qaba. Qajeelfamni qarmaataa ifaafi barattootaa kan hin dogoggorsine ta'uu qaba.

Qormaanni qophaa'uu tokko aadaa barattootaa bu'uura godhachuu, waan isaan baratan bu'uureffachuu, sadarkaa (kutaa) isaanii barachaa jiran beekuu, dheerina yeroo qormaataa itti fudhaturratti xiyyeeffachuun qophaa'uu qaba. Qormaanni qophaa'u waantota armaan gadii bu'uura godhachuu qaba. Isaanis: Maaliif akka qortu adda baasuudha. Kunis kaayyoon qorumsuchaa maal akka ta'e, dhimma maaliif akka karoorfame kan ibsudha. Kaayyoon qorumsaa erga adda bahee booda qabiyyee isaan adda baasuudha. Sababni isaas barataan qabiyyee barateen qormaata fudhachuu qaba waan ta'eef.

## 2.12 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan sirrummaa qabiyyee qormaata xumura semisteeraa barnoota Afaan Oromoo ammaan dura namoota garaa garaatiin hojjetaman hinjiraatiin malee, qorannoo kana wajjin amma tokko kan walfakkaatan kaa'amanii jiru. Qorannoowwan qormaata afaanii irratti xiyyeeffatan heddu haata'u malee, kaayyoon qabatanii ka´an adda addummaa qaba. Qormaata Afaan Oromoo gama madaaluutiin digrii jalqabaatiifi digrii lammaffaa guuttachuuf qorannoowwan hedduun hojjatamanii kanneen keessaa qormaata Afaan Oromoo irratti qorannoowwan hojjataman keessaa Sufiyaan,(2012) yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa:qormaanni Afaan Oromoo barattoota kutaa 9ffaaf baroota 2007-2011 mana barumsa Jaarraa sadarkaa 2ffaatti barsiisonni qopheessan qulqullina qabaachuufi dhiisuu isaa sakatta'uu kan jedhudha. Malli qorannoo inni itti gargaarame: mala akkamtaafi hammamtaa walkeessa makuun kan fayyadameefi haala ibsaatiin ibsamee jira. Argannoon isaa:haalli qormaata Afaan Oromoo kutaa 9ffaaf baroota 2007-2011tti Mana barumsa Jaarraa sadarkaa 2ffaatti qophaa‟aa turan harki caalu hanqinna adda addaa kan qabaniifi sirreeffama kan barbaadan ta'uufi qulqullinni gaaffilee qorumsaawwanii gadi bu'aa ta‟uu ibseera.

Qorannoon lammataa kan Girmaa,(2007) yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa hubannoofi beekumsa barsiisonni qormaata qopheessuuf qaban, qabiyyeelee lakkoofsa boqonnaalee kitaaba barataa fi gilgaalota kitaaba barataa keessatti keennaman waliin haala gaarii ta'een akka walsiman hubachuufi sakatta'uu kan jedhudha. Malli qorannoo inni itti gargaarame mala qaacceessuu ibsa too'annootti. Argannoon isaa, qorumsi barnoota afaan Oromoo barsiisaa dareen bara1998 A.L.I kutaa 10ffaaf qophaa´e gahumsa qabiyyeen hanqina kan qabu tahuu ibseera.

Qorannoon biraa waa'ee qormaata Afaan Oromoo irratti dalagame kan biyyaaleessaa keessaa yoo ta'u, innis Jaayilaan,(2007) mata-duree "Qaaccessa Gahumsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa xumura kutaa 10ffaa: Barumsa Afaan Oromoo /2006/" jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Kaayyoon qorannoo isaa: Gahumsa qabiyyeewwan qorumsa guutuu biyyaa xumura kutaa 10ffaa Afaan Oromoo 2006 keessa kenname, qabiyyeewwan kitaaba barataa, silabasii kutaalee 9ffaa fi 10ffaa keessa jiran waliin walcinaa/ maddii qabuun gahumsicha sakatta'uufi qaaccessuu ta'a. Bu'aan argannoon gahumsi qabiyyee qormaatichaa gad bu'aadha kan jedhudha.

Jawaar,(2007) mata duree “Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa Afaan Oromoo Kan Kutaa 10 (2004-2006)” jedhurratti gaggeesseen kaayyoon qorannoo isaa qormaanni guutuu biyyaa baroota kanneenii ga’umsa qabiyyee qabaachuu yookiin qabaachuu dhabuu adda baafachuudha. Bu’aan qorannoosaas qormaanni Afaan Oromoo guutuu biyyaa ga’umsa qabiyyee hinqabu kan jedhudha.

Qorannoowwan olii kanneen yoo ilaalle ga’umsa qormaata guutuu biyyaa Afaan Oromoo kutaa 10 irrattidha. Kaayyoon isaanii walitti dhufeenya qabiyyeewwan kitaaba barataafi qabiyyeewwan qormaata biyyolessaa gidduu jiru qaaccessuudha.Qorannoon kun immoo Qaaccessa sirrummaa qabiyyee qormaata xumuraa semisteeraa Afaan Oromoo barsiisonni qopheessan mana barumsa gaattiraa sadarkaa lammaffaa kan bara 2014 jedhu irratti ta’ee kaayyoon qorannichaa sirrummaa qabiyyee qormaata xumura semisteeraa Afaan Oromoo kutaalee kanaa qaaccessuudha. Mala qorannoon qorattuun qorannoo kana keessatti gargaaramtu mala qorannoo ammamtaatti(quantitative method of research) gargaaramte.

Walumaagalatti Afaan Oromootiin hanga qorattuun sakattattettii, kallattiin. Kan walfakkaatu hin arganne. Kitaaboleen qorannoo kana keessatti wabeeffamaniis, madaallii ilaalchisuun kan wabeeffatamanidha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAA FI MALAA QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun sirrummaa qabiyyee qormaataa barnoota afaan Oromoo mana barnootaa Gaattiraa sad. 2ffaa kanbara 2014 qaaccessuu irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa sirrummaa qabiyyee qormaata xumura semisteeraa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 kan bara 2014 qaaccessuudha.  Malli qorannoo kana keessatti dhimmi itti bahame mala qorannoo ammamtaatti(quantitative) fayyadamuun kan gaggeeffamedha. Sababni isaa odeeffannoon  sirrummaa qabiyyee qormaata xumura semisteeraa fi kitaaba barataa irra argame lakkoofsaan ibsama waan ta’eefi dha.

## 3.2.Malleen Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti saxaxa qorannoo mala qorannoo hammamtaatti dhimma ba’uun kaayyoo qorannichaa kan ta’e qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisota mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa qopheessan: kan bara 2014irratti kennamanii turan sakata’uudhaani. Sababisas qorottuun yeroo  qorannoo kana gaggeessittetti ragaalee sakata’a dookimantii qormaata irratti walitti qabdee qaaccessuuf akkuma barbaachisummaa isaatti mala hammamtaatti fayyadamtee jirti. Saxaxni qorannoo kun fedhii amma barbaadamu lakkoofsaan adda baasuuf nugargaara,(Sharma, 2000). Kanaaf, maddi ragaalee qorannoo kana maddi ragaa jalqaba qabiyyee qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa gaattiraa sadarkaa 2ffaa: kan bara 2014 qopheessanidha. Maddi ragaa itti aanuu immoo qabiyyee kitaabiilee barataa barnoota afaan Oromoo 9ffaa-12ffaa fi qajeelcha barsiisaa (silabasii) barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa irratti hundaa´edha. Madda ragaalee lachuurratti xiyyeeffannoo gochuun kan barbaachiseef immoo, maddi ragaa baaqqee odeefannoo ga’aa ta’e kennuu dhiisuu danda’a waan ta´eefi yaadameefidha.

### 3.4. Madda Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf qorattuun akka ragaa jalqabatti kan fayyadamtee sakatta'a dookmantii yoo ta'u, isaanis qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsa Gaattiraa sadarkaa lammaaffaa(2ffaa) kan bara 2014tti qopheessan gargaaramuun qorattuun ragaa walitti qabatteedha. Akkasumas, qabiyyeewwan kitaabiilee barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 9ffaa -12ffaa kana afuraan qajeelchaa barsiisota kutaa 9ffaa-12ffaa irratti hundaa'uundhaan kan bahan waan ta'eefi. Kanaaf, sakatta'insa qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa fi qabiyyeen kitaaba barataa walitti dhufeenya qabaachuu isaanii sakatta'uun madda ragaa dookmantii qorannoo qorattuuti.

### 3.5. Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana adeemsiisuuf kaayyoon isaa inni guddaan qaaccessaa sirrummaa qabiyyee qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semsteeraa barsiisonni mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa: kan bara 2014 qopheessan, kitaabiilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa fi silabasii kutaa 9ffaa-12ffaadha. Milkaa'ina qorannoo kanaa galmaan gahuuf, meeshaaleen funaansa ragaaleef dhimmi itti bahame kunis,S akatta´insaa dookmantiiti.

### Sakatta'a Dookmantii

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu akkuma amalaa fi akaakuu qorannoo,qorattuun ragaa funaannachuuf meeshaalee funaansa ragaatiif barbaachisaanii fi qorannoo qorattuu mijataa ta'e fayyadamte dhimma itti battuudha.Qorannoon adeemsifamu walitti dhufeenya qormaataa fi qabiyyee kitaaba barataa waan ta'eef isaan kun dookmantii keessatti ramadamu. Akka Dastaa (2013) fi Yaalaw (2004) Yaada walfakkaatuun ibsanitti, Dookmantiin kan of keessatti hammatu kitaabotaa, gaazeexota, barruulee, kartaalee, qormaata darban, qabxii barattootaa, seenaa nama dhuunfaa, gabaasa waggaa, ittiin bulmaata, labsiilee, qaboo yaa'ii, yaadannoo nama dhuunfaaa fi xalayaaleef kkf sababoota adda addaatiin haala barreeffamaan qophaa'anii kan argaman''jedhu. Kanaafuu qorattuuni, qorannoo kana yeroo adeemsistuu qormaata xumura semisteeraa kan bara 2014 fi kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa waliin walqabata waan ta'eef sakatta'uun qorattuun qoratteetti.

### 3.6. Adeemsa Qorannichaa fi Tooftaalee Xinxala Ragaalee

Qorattuun qabiyyee qormaata barnoota afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa lamaaffaa (2ffaa) qopheessan kan bara 2014 keessatti kennaman, qabiyyee kitaabiilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa keessa jiran waliin wal-biraa qabuun ilaaluun qaaccessiteetti. Qabiyyeewwaniifi dandeettiiwwan kanneen kitaabaa barattootaa keessa jiraniifi qormaata qopha'an a keessa jiran hunda isaanii fudhachuudhaan itti fayyadamteeti. Qorattuun kun adeemsa qorannoo kanaa akka armaan gadii kanatti hojiirra oolchitteeti. Adeemsi qorannichaas:

1. Qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa keessa jiranii faca'insa qabiyyeewwanii kanneenis cuunfuun gabatee keessatti kaameera.
2 Qabiyyeewwan qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa:kan bara 2014 qopheessan kana addaan baasuun faca'iinsa isaanii gabatee keessatti tarreessiteetti. Faca'iinsaafi walitti dhufeenya qabiyyeewwan kitaaba barataa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa- 12ffaa fi qabiyyeen qormaata barnoota afaan Oromoo gabatee tokko keessatti haala qaaccessuuf mijatutti kaa'amanii qaacceffamiiru. Wayitiin qabiyyeewwaniif kenname lakkoofsaafi dhibbentaatiin kaa'amee qaacceffameera. Sababnisaa xiyyeeffannoon qabiyyeewwaniif kennamerratti hundaa'uun qormaanni barnoota afaan Oromoo xumura semisteeraa qophaa'uu isaa adda baasuuf mijaa'ina waan qabuufidha.
3 Walitti dhufeenya qabiyyeewwan kitaabiilee barattotaa keessa jiraniifi gosoota gaaffileefi qabiyyeewwan qormaata barnoota Afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni qopheessan mana barumsaa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa: kan bara 2014 madalamaniiru.
4 Walumaagalatti, bu'aan qaaccessa sakatta´a dookimantiin deebiirraa argame madaalamuun hiikan itti kennameera. Kunis qormaatichi sirrummaan qabiyyee qabaachuu isaa madaaluufi qaaccessurratti kan xiyyeeffatedha. Odeeffannoo argamerratti hundaa'uun waa'ee sirrummaa qabiyyee qormaatichaarratti yaada barbaachisaa ta'e kennamuun yaalameera. Dhumarratti, bu'aa qorannoorratti hundaa'uun furmaanni barbaachisaa ta'ee gara fuuladuraatiif akka godhamu warra dhimmichi kun ilaalu hundaaf yaadniifi yaboon kennameera

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

## 4.1 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa

### 4.1.1 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa kutaa 9ffaa

| T/L | Qabiyyeewwan Kitaaba Barattootaa fi Qormaata | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Qabiyyeewwan Kitaaba | | | Qormaata Kutaa 9ffaa | | | |
| | | | | Semisteeraa 1ffaa | | Semisteeraa 2ffaa | |
| . | Dandeettiiwwan afaanii | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 1. | Dhaeeffachu | 3 | 2.91 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 2. | Dubbachuu | 19 | 18.44 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 3. | Dubbisuu | 18 | 17.47 | 0 | 0 | | 0<br>0 |
| 4. | Barreessuu | 15 | 14.56 | 10 | 22.72 | 5 | 12.5 |
| 5. | Seerluga | 18 | 17,47 | 27 | 61.36 | 13 | 32.5 |
| 6 | Hiikajechoota | 17 | 16.50 | 6 | 13.63 | 6 | 15 |
| | Ida'ama | 103 | 100 | 44 | 100 | 40 | 100 |

Gabatee 1

Akka gabatee 1 armaan oliitti barreessuu 15(14.56%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 10(22.72%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattii barreessuu 5(12,5%) qofatu keessatti hammatame, Seerluga 18(17.47%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 27(61.36%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattii barreessuu 13(32.5%) qofatu keessatti hammatame, Hiika jechoota 17(16.5%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 6(13.63% semisteera 2ffaattii barreessuu 6(15%) qofatu keessatti hammatame, 1(2.27%) qofatu keessatti hammatame semisteera 2ffaattii barreessuu 16(40%) tu keessatti hammatame. Akka gabateen kuni ibsuutti qormaani semisteera lamanu kessatti qopha'ee kan qabiyyee wajjin wal hinsiimneedha.

**4.1.2 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa kutaa 10ffaa**

| T/L | Qabiyyeewwan Kitaaba Barattootaa fi Qormaata | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Qabiyyeewwan Kitaaba | | | Qormaata Kutaa 10ffaa | | | |
| | | | | Semisteeraa 1ffaa | | Semisteeraa 2ffaa | |
| | Dandeettiiwwan Afaanii | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 1. | Dhaeeffachu | 3 | 2.65 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 2. | Dubbachuu | 23 | 20.35 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 3. | Dubbisuu | 19 | 16.81 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 4. | Barreessuu | 11 | 9.73 | 10 | 25 | 7 | 23.33 |
| 5. | Seerluga | 20 | 17.69 | 19 | 47..5 | 7 | 23.33 |
| 6. | Hiikajechoota | 20 | 17.69 | 8 | 20 | 9 | 30 |
| | Ida'ama | 113 | 100 | 40 | 100 | 30 | 100 |

Gabatee 2

Akka gabatee 2 armaan oliitti barreessuu 11(9.73%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 10(25%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattiibarreessuu 7(23.33%) qofatu keessatti hammatame, Seerluga20(17.69%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 19(47.5%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattiibarreessuu 7(23.33%) qofatu keessatti hammatame,Hiika jechoota 20(17.69%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 8(20% semisteera 2ffaattii barreessuu 9(30%) qofatu keessatti hammatame, 3(7.5%)qofatu keessatti hammatame semisteera 2ffaattii barreessuu 7(23.33%) tu keessatti hammatame. Akka gabateen kun ibsuutti qormaani semisteera lamanu kessatti qopha'ee Kan qabiyyee wajjin wal hinsiimneedha

### 4.1.3 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa kutaa 11ffaa

| T/L | Qabiyyeewwan Kitaaba Barattootaa fi Qormaata | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Qabiyyeewwan Kitaaba | | | Qabiyyeewwan Qormaata kutaa 11ffaa | | | |
| | | | | Semisteeraa 1ffaa | | Semisteeraa 2ffaa | |
| | Dandeettiwwan afaanii | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 11 | 8.8 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 32 | 25.6 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 3 | Dubbisuu | 16 | 12.8 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 4 | Barreessuu | 13 | 10.4 | 10 | 25 | 10 | 33.33 |
| 5 | Seerluga | 22 | 17.6 | 23 | 57.5 | 6 | 20 |
| 6 | Hiikajechoota | 17 | 13.8 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| | Ida’ama | 125 | 100 | 40 | 100 | 30 | 100 |

Gabatee 3

Akka gabatee 3 armaan oliitti barreessuu 13(10.4%) yoo ta’u qormaata keessatti kan hammatame 10(25%) yoo ta’u akka semisteera 2ffaattiibarreessuu 10(33.33%) qofatu keessatti hammatame, Seerluga 22(17.6%) yoo ta’u qormaata keessatti kan hammatame 23(57.5%) yoo ta’u akka semisteera 2ffaattii barreessuu 6(20%) qofatu keessatti hammatame,Hiika jechoota 17(13.8%) yoo ta’u qormaata keessatti kan hammatame 0(0% semisteera 2ffaattii barreessuu 0(0%) qofatu keessatti hammatame, Ogbarruu 14(12.2%) yoo ta’u kan qormaata keessatti hammatame 7(17.5%)qofatu keessatti hammatame semisteera 2ffaattii barreessuu 14(46.66%) tu keessatti hammatame.Akka gabateen kuni ibsuutti qormaani semisteera lamanu kessatti qopha’ee kan qabiyyee wajjin wal hinsiimneedha

### 4.1.4 Walsimannaa Kaayyoo barnootichaa fi qormaatichaa kutaa 12ffaa

| | Qabiyyeewwan kitaaba Barattootaa fi Qormaata | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Qabiyyeewwan Kitaaba | | | Qormaata Kutaa 12ffaa | | | |
| | | | | Semisteeraa 1ffaa | | Semisteeraa 2ffaa | |
| | | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 3 | 3.22 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 19 | 20.43 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 3 | Dubbisuu | 17 | 18.27 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| 4 | Barreessuu | 13 | 13.97 | 9 | 22..5 | 0 | 0 |
| 5 | Seerluga | 21 | 22.58 | 31 | 77.5 | 26 | 43.33 |
| 6 | Hiikajechoota | 11 | 11.82 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| | Ida'ama | 93 | 100 | 40 | 100 | 60 | 100 |

Gabatee 4

Akka gabatee 4 armaan oliitti barreessuu 13(13.97%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 9(22.5%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattii barreessuu kan keessatti hinhammatamnedha, Seerluga 21(22.58%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hammatame 31(77.5%) yoo ta'u akka semisteera 2ffaattii barreessuu 26(43.33%) qofatu keessatti hammatame, Hiika jechoota 11(11.82%) yoo ta'u qormaata keessatti kan hin hammatame ta'usatti, akka semisteera 2ffaattii barreessuu 34(56.66%) tu keessatti hammatame. Akka gabateen kuni ibsuutti qormaani semisteera lamanu kessatti qopha'ee Kan qabiyyee wajjin wal hinsiimnee ta'u isaa agarsiisa.

**4.2. Qaaccessa Ragaalee sirrummaa unka qormaataa** barnoota afaan Oromoo mana barunsaa Gaattiraa sad.2ffaa xumura semisteeraa kan bara 2014

| Qajeelfama | Kutaa 9ffaa Semi 1ffaa | Semi 2ffaa | Kutaa10ffaa Semi 1ffaa | Semi 2ffaa | Kutaa11ffaa Semi 1ffaa | Semi 2ffaa | Kutaa12ffaa Semi 1ffaa | Semi 2ffaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| **Dhugaa ykn Soba** | **10** | **0** | **10** | **8** | **10** | **5** | **7** | **-** |
| **Firoomsi** | **10** | **5** | **10** | **8** | **10** | **10** | **13** | **-** |
| **Filannoo** | **15** | **11** | **10** | **7** | **10** | **5** | **10** | **60** |
| **Barreessi** | **10** | **24** | **5** | **7** | **4** | **10** | **5** | **-** |
| **Ida'ama** | **45** | **40** | **35** | **30** | **34** | **30** | **35** | **60** |

**Gabatee 5**

### 4.3 Qaaccessa Ragaalee sirrummaa qabiyyee qormaatichaa

Mata duree qorannichaa Qaaccessa Sirrummaa Qabiyyee Qormaata Afaan Oromoo xumura Semisteeraa Barsiisonni Mana Barumsaa Gaattiraa Sadarkaa 2ffaa Kan bara 2014qopheessan keessatti bu'uura godhachuun qorattuun qabiyyeewwan kitaabilee filatamanii kanneen keessatti argaman addaan baasuuf boqonnaa kitaabilee kanneenii tokko tokkoon sakatta´uun qorattuun qoratteeti.Haaluma kanaan, qabiyyeewwa kitaabicha keessatti argaman, boqonnaa ogummawwan bu´uuraa fi xixxiqqoon keessatti argamu, baay'ina kitaabicha keessatti argamanii addaan baasuun armaan gaditti gabateen dhiyeesseen jira. Isaanis:-Bifa gabateen addaan bahanii ka'amanii jiru. Kana jechuun qabiyyeewwan qorumasa afaan Oromoo xumura semisteeraa fi qabiyyeewwan kitaabiilee barnoota afaan oromoo kun erga gabateen kaa'amanii booda ibsi itti kennamuun gabaticha jalatti akkaataa armaan gadii kanatti dhiyaateera.

**4.3.1 Sirrummaa waisimannaa kaayyoo barnoota fi Qormaata seemisteera xumuraa Afaan Oromoo**

| Qabiyyeewwan Kitaaba | Crosstabulation | Qabiyyee kitaaba barattootaa barnoota afaan oromoo kutaa | | | | Total |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 9ffaa | 10ffaa | 11ffaa | 12ffaa | |
| Dubbisuu | Count | 18 | 18 | 16 | 18 | 70 |
| | % of Total | 5.4% | 5.4% | 4.8% | 5.4% | 21.1% |
| Dhaggeeffachuu | Count | 3 | 3 | 11 | 3 | 20 |
| | % of Total | 0.9% | 0.9% | 3.3% | 0.9% | 6.0% |
| Dubbachuu | Count | 18 | 21 | 33 | 20 | 92 |
| | % of Total | 5.4% | 6.3% | 9.9% | 6.0% | 27.7% |
| Barreessuu | Count | 14 | 11 | 12 | 12 | 49 |
| | % of Total | 4.2% | 3.3% | 3.6% | 3.6% | 14.8% |
| Seerluga | Count | 16 | 14 | 17 | 11 | 58 |
| | % of Total | 4.8% | 4.2% | 5.1% | 3.3% | 17.5% |
| Hiika jechootaa | Count | 4 | 2 | 2 | 2 | 10 |
| | % of Total | 1.2% | 0.6% | 0.6% | 0.6% | 3.0% |
| Total | Count | 82 | 78 | 101 | 71 | 332 |
| | % of Total | 24.7% | 23.5% | 30.4% | 21.4% | 100.0 % |

Gabatee 6

Akka gabateen armaan olii mul’isutti, qabiyyeewwan kitaaba keessatti mul’atan keessaa uffisni guddaan kan kennameef jiru Ogummaa dubbachuurrattidha. Kunis, dhibbentaan 92(22.7%) qabatee argama.Ogummaa dubbachuutti aanee dubbisuu yoo ta’u, innis 70 (21.1%) lammaffaa irratti xiyyeeffannoo argateera.Seerlugni immoo 58(17.5%) sadaffaarrat ti yemmu argamu, Barreessuun 49(14.8%)afraffaarra taa‟ee jira.Shanaffa irratti kanka´ame Afoola33 (9.9%)dha. Kanatti aansee sadarkaa jahaffaa kan argate dandeettii dhaggeeffachuu 20 (6.0%)dha.Hiika jechootaa 10(3.0%)sadarkaa torbaffaarratti kanargamu yoo ta’u, akka duraa duubummaatti kahamanii jiru. Kunis, kitaaba barataa kutaa 9ffaa-12ffaa irratti baay’ina gaaffiiwwan dhiyaatan yoo ilaallu xiyyeeffannoo olaanaa kanargate Ogummaa dubbachuuti. Kunis kitaaba barataa keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan 332(Dhiibbaa Sadiifi Soddoomii-lama) keessaa 92 (22.71%) qabatee argama. Kun kan agarsiisu qabiyyeewwan qophaa‟an keessaa baay’ina gaaffiiwwan baheen xiyyeeffannoo olaanaan kan kannameef ta´uu agarsiisa.Akkaata gabatee armaan olii agarsiisuutti Dubbachuun xiyyeeffannoo olaana argate yoo ta’u Dubbisuun sadarkaa lammaffaa qabachuun 70(21.1%) yoo ta’u xiyyeeffannaan kan itti hinkenamnee immo Seerlugni 58(17.5%) dha.

Haata´u malee, qabiyyeewwan qormaata afaan orommoo xumura semisteeraa ilaalchisee hangi uffisaa kennameef,kan qabiyyee qormaata xiyyeeffannoon hinkenamnee hiikaa jechootati kuniis uffisaa (3.0%) qofa argatee jira

Walumaagalatti, ragaaleefi yaada xiinxalaa armaan olii irraa wanti hubatamu,rakkoon wal simannaa qabiyyee kitaabaa kutaa 9ffaa-12ffaa fi qabiyeewwan qormaata afaan oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa bara 2014 qopheessan gidduu jiraachuu isaati. Rakkooleen mul'atanis, dandeettiiwwan afaanii kitaaba keessatti argaman hunda qormaata keessatti wil-qixa hammachiisuu dhabuudha.

### 4.3.2 Wayitii qabiyyee barnoota afaan oromoo kutaa 9 hanga 12 ffaa barsiisuuf ramadame

| | | Frequency | Percent | Valid Percent | Cumulative Percent |
|---|---|---|---|---|---|
| Valid | Dubbisuu | 70 | 21.1 | 21.1 | 21.1 |
| | Dhaggeeffachuu | 20 | 6.0 | 6.0 | 27.1 |
| | Dubbachuu | 92 | 27.7 | 27.7 | 54.8 |
| | Barreessuu | 49 | 14.8 | 14.8 | 69.6 |
| | Seerluga | 58 | 17.5 | 17.5 | 97.0 |
| | Hiika jechootaa | 10 | 3.0 | 3.0 | 100.0 |
| | Total | 332 | 100.0 | 100.0 | |

Gabatee 7

Madda qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 bara 2005 ALI maxxanfame

Gabatee 2 olii kanarraa akka hubatamutti wayitiin qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 barsiisuuf ramadame 332 keessaa qabiyyee58(97%) yoo ta'u vaaladitii 58(17.5) Ogbaruun33(79.5%) yoo ta'u vaaladiti33(9.9) Barreessuuf 49(69.6%) yoo ta'u vaaladiti 49(14.8%) dubbachuuf wayitii 92(54.8%) yoo ta'u vaaliditin isa 92(27.7%) ramadameera. Haaluma kanaan qabiyyee ,Dhaggeeffachuuf 20(27.1%) yoo ta'u vaaladitii 20(6%) dubbisuu wayitii 70(21.1%) yoo ta'uu vaaliiditii 70(21.1%) kan walsimeedha. Qabiyyee kanneen yoo ilaalle xiyyeeffannoo guddaan dandeettii Dabbachuutu vaaladiti guddaa agarsiise.

### 4.3.3 Hariiroo ogummaawwan afaanii fi qaaccess qabiyyee qormaata afaan Aromoo 2014 qophaa'e gidduu jiru

| | | Frequency | Percent | Valid Percent | Cumulative Percent |
|---|---|---|---|---|---|
| Valid | Seerluga | 50 | 15.8 | 15.8 | 15.8 |
| | Dhamjecha | 20 | 6.3 | 6.3 | 22.1 |
| | Hima Hennaa | 8 | 2.5 | 2.5 | 24.6 |
| | Hiika sirrii | 19 | 6.0 | 6.0 | 30.6 |
| | Jechama | 9 | 2.8 | 2.8 | 33.4 |
| | Ciigoo | 6 | 1.9 | 1.9 | 35.3 |
| | Sirna tuqaalee | 6 | 1.9 | 1.9 | 37.2 |
| | Bakka duwwaa guutii | 63 | 19.9 | 19.9 | 57.1 |
| | Walqabsiiftuu | 6 | 1.9 | 1.9 | 64.0 |
| | Hiika Jechaa fi Gaalee | 46 | 14.5 | 14.5 | 78.5 |
| | Total | 317 | 100.0 | 100.0 | |

Gabatee 8

Akka gabatee 8 olii keessatti agarsiifametti qabiyyeewwan qormaataa afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisoni qopheessan:mana barumsa Gaattiraa sadarkaa 2ffaa irratti qophaa'anii dhihaatan baay‶inaan kudha Saddeetti. Haala sadarkaa hammatamaniin yoo ilaalaman Geerarsa 8(96.8%) uoo ta'u vaaliditi 8(2.5%),Hibboo 11(94.3%) vaaliditii 11(3.5%) yoo ta'u Himaa fi Keeyyata 19(90.9%) vaaliditi 19(6.0%) yoo ta'u Asoosama 18(84.9%) vaaliditi 18(5.7%) yoo ta'u Walaloo2(79.2%) vaaliditii 2(6.0%) kan qabate yoo ta'u Hiika Jechaa fi Gaalee46(78.5%) yoo ta'u vaaliditi 46(14.5%)dha,Walqabsiistuu 6(64%) vaalidit 6(1.9%) Mammaaksa11 (62.1%), vaaliditi 11(3.5%) Afoola 5(58.7%) vaaliditi 5(1.6%) yoo ta'u Bakka duwwaa guutii 63(57.1%) vaaliditi 63(19.9%) Sirna tuqaale 6(37.2%) vaaliditi 6(1.9%) Ciigoo,6(35.3%) yoo ta'u vaaliditi 6(1.9%) Jechama 9(33.4%) yoo ta'u vaaliditi 9(2.8%), Hiikasirrii 19(30.6%) yoo ta'u vaaliditi 19(6.0%) kan qabate fi Hima Hennaa8(24.6%) yoo ta'u vaaliditi 8(2.5%) yoo ta'u Dhamjecha 20(22.2%) yoo ta'u vaaliditi 20(6.3%) kan qabatee jiru yoo ta'u Seerlugni immo 50(15.8%) yoo ta'u vaaliditi 50(15.8%) qabachuun barameera. Haala kanaan yoo tareeffaman xiyyeeffanna gudddan kan itti kaname seerluga 50(15.8%) yoo ta'u vaaliditi 50(15.8%) yoo ta'u xiyyeeffannoo ga'a kan hin argatin immo Hiika Jechaa fi Gaalee 46(78.5%) yoo ta'u vaaliditi 46(14.5%)dha.

### 4.3.4 Qabiyyeewwan kitaaba keessatti sadarkaa qaban Qabiyyeewwan qormaata keessatti sadarkaa qaban Crosstabulation

<table>
<tr><th colspan="2" rowspan="2"></th><th colspan="3">Qabiyyeewwan qormaata keessatti sadarkaa qaban</th><th rowspan="2">Total</th></tr>
<tr><th>Barreessuu</th><th>Seerluga</th><th>Hiikajechootaa</th></tr>
<tr><td rowspan="3">Qabiyyeewwan kitaaba keessatti sadarkaa qaban</td><td>Barreessuu</td><td>2</td><td>0</td><td>0</td><td>2</td></tr>
<tr><td>Seerluga</td><td>1</td><td>0</td><td>0</td><td>1</td></tr>
<tr><td>Hiika jechootaa</td><td>0</td><td>0</td><td>3</td><td>4</td></tr>
<tr><td colspan="2">Total</td><td>4</td><td>1</td><td>3</td><td>10</td></tr>
</table>

Gabatee 9

Gabatee 9 kana irraa akka hubatamutti kitaaba barataa keessatti qabiyyeewwan qabachuun sadarkaa tokkoffaa yoo qabatu, hiiki jechootaa (1), barreesuu (2) fi seerluga (3) walduraa duubaan sadarkaa tokkoffaatii hanga Sadaffaaffaatti qabataniiru.

# BOQONNAA SHAN: ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Argannoo

Argannoowwan qorannoo kanaan bira ga'amanis kanneen armaan gaditti tarreeffamanidha.

- kitaaba barataa kutaa 9ffaa-12ffaa irratti baay'ina gaaffiiwwan dhiyaatan yoo ilaallu xiyyeeffannoo olaanaa kan argate ogummaa dubbisuuti. Kun kan agarsiisu qabiyyeewwan qophaa'an keessaa baay'ina gaaffiiwwan baheen xiyyeeffannoo olaanaan kan kannameef ta´uu agarsiisa.
- Rakkooleen mul'atanis, dandeettiiwwan afaanii kitaaba keessatti argaman hunda qormaata keessatti wil-qixa hammachiisuu dhabuudha
- Dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa barreessuu qofaatu qormaata kana keessatti hammatamne
- Baay'inni Wayitii/yeroo qabiyyeewwan gurguddaa silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ ramadamaniifi qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ -$12^{ffaa}$ barsiisaa dareetiin baroota2014 qophaa'anii gaafataman faana walhinsimu.
- Qorumsawwan barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ bara 2014tti kennamaa turan kaayyolee silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$-$12^{ffaa}$ kan hin bu'ureeffannedha.
- Maddi rakkoo qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$ -$12^{ffaa}$ ga'umsa qabiyyee dhabuu, barsiisonni qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa $9^{ffaa}$--$12^{ffaa}$ qopheessan gabatee murteessituu qorumsaa qopheessuun waan itti hin fayyadamineef.
- Walumaagalatti,ragaaleefi yaada xiinxalaa armaan olii irraa wanti hubatamu, rakkoon wal simannaa qabiyyee kitaabaa kutaa 9ffaa-12ffaa fi qabiyeewwan qormaata afaan Oromoo xumura semisteeraa barsiisonni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa bara 2014 qopheessan gidduu jiraachuu isaati.

### 5.2 Yaboo

Qorattuun qorannoo kana erga gaggeessitee booda yaada furmaataa ta'uu kan danda'u akka armaan gadiitti dhiyeessite

- Barsiistonni qorumsa daree qopheessan qabiyyee Silabasii barnootaa keessa jiruufi qabiyyee gaaffiilee qorumsa qopheessan waliin akka walsimutti xiyyeefannoon osoo qopheessanii rakkina mul'atu kanaaf furmaata ta'a.
- Barsiistonni qorumsa daree qopheessan wayitii qabiyyee Silabasii barnootaa tokkoo tokkoo isaaniif kenname bu'uurefachuun gaaffiilee qorumsaa qopheessan baay'ina weeyitichaa waliin akka walsimuuf gabatee murteesituu osoo itti fayadamanii gaarii ta'a.
- Barsiistonni qorumsa daree qopheessan kaayyoo silabasii barnootichi of keessatti hammachuu danda'uun ofeeggannoo guddaa taasisuun gaaffilee qorumsaa qopheessan kana waliin walsimsiisuun qopheessuu otoo danda'anii rakkinichi salphachuu ni mala.
- Qorumsa sirrii ta'eefi baratаa sirriitti madaaluu danda'u qopheesuuf leecalloo gahaa waan gaafatuuf jecha bulchiifni mana barumsaas ta'e waajirri barnoota aanaa dhiyeessi gahaa ta'e osoo taasisisee gaarii ta'a

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa (2011),Akkamtaa:Qorannoo Hujoo.Finfinnee Mega Priting Press.

Airasian,P & Russell,M.(2007).Classroom Assessment:Concepts and Applications(6th) New York:McGrat Hill

Alderson,J Wall.D. (1995) Language Test Construction an Evaluation.Cambridge:Cambridge Univesity Press.

Allison (1999).Language Testing and Evaluation:An Introductory Course.Singapore: Singapore University Press.

Bachman L.F (1990),and Plamer A.S.(1996) Language Testing in practice,Oxford: Oxford University Press.

Bachman.L.F.(1990), Fundamental Consideration in Language Testing,Oxford Oxford University Press.

Burke,et al (2009),Making formative assessment worn effectice in the Primary Classroom London Open UniversityPress.

Blank and William,(1998) Assessment and classroom learning.Assessment in education Principl,policy practice.5(1):1-34

Benett RE, Gitomer DPI (2009).Transforming K-12 assessment integrating accountability York springer

Biggs J (1995) Assessment for learning some dimensions underlying new approachers Toeducation assessment .Albarta,J.Educ.Ress.41(1)1-17

Brown,(2007). Principles of language learning and teaching San francsco state University. Printed in the United State of America

Brown.D.J(1996).Testing in Language Programs.New Jerson:prentrce Hall Regents.

Brown.J.D.(2003).Language AssessmentPrinciples and Classroom Practices, London: Longman.

Byrne,D.(1984). Integrating skill.In K.Johnson,& K.Morrow (Eds.),Communication in the Classroom.London:Longman.

Dastaa Dassaalanyi,(2013).Bu’uura Qorannoo,Finfinnee:FarEastTrading PLC.

Desalegn Chalchisa and Girma Lemma.(2009).Measurment and evaluation Manual forHigherEducation Inistitution:Add is AbabaUniversity:AAU Printing Press.

Dochy F,Gjibels D,(2008).Students’assessment preferences,perceptions of assessment And their relationships to study results.Higher Education hit J High Educ Edue Plan

Earl L.& Katz S (2006) Rethinking Classroom Assessment with Purpose in Mind. Western and Northern Canadian Protocol for Collaboration in Education Retrieved on February S 2013.from http//www wncp ca/English/subject Area/class assessment aspx.

Fulcher,G.and Davidion.F.(2007).Language Testing and Assessment.Great Britian:Routhledg.

Harlen W(2008)Trusting teachers judgment In S.Swaffield(Ed.) Unlocking Assessment: Under Standing for reflection and application (pp 138-153) A bingdon.Ox Routhledg.

Hughes,A.(1989).Testing For LanguageTeachers,Great Bretain:Cambridge University Press.

Harrison.A.(1983).A Language Testing HandBook.London:McMillan Publishers.

Heaton.J.B.(1975).Writing English Language Tests.London:LondonGroup Limited.

Jawaar Saanii(2007).”Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Qormaata Guutuu Biyyaa Xumuraa Kutaa 10 Barumsa Afaan Oromoo 2006”.

Kifle Kebede (1995) “AnAssessment of Content Validity of High School English Language Tests in Relation to Text Books Concerned.”Addis Ababa:AAU Press.

Linn,R.L.and Gronlund,N.E.(1995).Measurment and Assessment in Teaching(7thed.).

McNamara,T.and Rover,C.(2006).Language Teasting:The Social Dimension.University Of Michigan:Blackwell publishing,ltd

Oller.J.W.(1979).Language Test at school.London:Longman Group Limited.

Shepard LA(2000).The role of assessment in a learning culture Educ.Res 29(7) 4-14.

Sireci.S.(2014).Validity evidence based on test Content.Psicothema 26 (1),100-107

Weir,C.J.(1990).Communication Language Testing.New York:Perntice Hall.

Yalew Endawok.(2004).Teachers Beliesf,knowledge and Practice of Learner Cent Approach In school of Ethiopian Journal of Education,Vol.xxiv No 2 pp 17-39.

# Dabaleewwan

# Dabalee "A" Qoemataa Kutaa 9ffaa

Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Gaattiraa Qormaata Afaan Oromoo Kutaa 9ffaaXumura Semisteera 1ffaaf Qophaa'e.
Bara 2014 yeroo Kenname Daqiiqaa 40'Qofa.

Maqaa Guutuu____________________________Kutaa______-Daree_____Lakk._________

**I:Himoota armaan gadii dhugaa yookiin Soba jechuun bakka duwwaa kennamerratti guuti deebisi(10%)**

_______1.Afaanonni amaloota dhuunfaa isaanii akkuma qaban,amaloota waliinis qabu.

_______2.Afaan hunduu barumsaan argama.

_______3.Afaan Oromoo keessatti maqibsi maqaa booda dhufuun tajaajila.

______4. Tuqaan yaada guutuu lama gidduu boqonnaan jiraachuu agarsiisaa.

______5. Jechi hiriyyummaa jedhu birsaga sadii qaba.

______6.Barreessuun dandeetti irra dedeebi'anii shaakaluun gonfatamuu danda'uudha.

______7. Fufiin akaakuu dham-jecha hirkataa ta'ee garee jecha kan jijjiiruudha.

______8,Hennaa Amsiiqaa gocha yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisuudha.

______9.Birsagni dubbachiistuu qofaan ykn walta'iinsa dubbifamaa fi dubbachisaatiin ijaarama.

______10.Maqaan garee jechaa keessaa isa tokko.

**II:Kanneen Roga "A" jala jiraniif hiika isaanii Kan Roga "B" jala Jaran waliin walitti Firoomsi.**(10%)

| "A" | "B" |
|---|---|
| _____11. Moggoo | A. Icha |
| _____12. Simboo | B. Nama miilaan deemu. |
| _____13. Simboo qabeettii | C.Nama |
| _____14. Laayyoo | D. Hoomaa |
| _____15. Miliquu | E. Jalaa bahu |
| _____16. Dhalee | F. Galaa |
| ____17. Gaalee durduubee | G.Wal |
| ____18. Maqaa dimshaashaa | H. Salphaa |
| ____19.Fufii duree | I.Bareedina |
| ____20.Lafoo | J.Maqaa wal fakkaatu. |
| | k. Bareedduu |

**III:Akkaataa Gaafatamteen Qubee Deebii Sirrii Qabu Filadhu Deebii Kee Kenni.(15%)**

_____21. Fufii duree kan ta'e kami? A. ni B.icha C. oota D.hunduu deebbiidha.

_____22. Maqaa dimshaashaa kan ta'e kami? A. umamata B.eelee C. Joldeessa D.nama

# Dabalee “B” Qoemataa Kutaa 10ffaa

Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Gaattiraa Qormaata Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Xumura Semisteera 1ffaaf Qophaa´e. yeroo Kenname Daqiiqaa 40´Qofa.

Maqaa Guutuu________________________Kutaa______ daree____Lakk_____

I.Gaaffiiwwan armaan gadii ´Dhugaa´Yookiin ´Soba´Jechuun bakka duwwaa kennamerratti deebisi.(10%)

_____1. Seenaa Afaanii seenaa dhala namaarraa adda baasuun hin danda'amu.

_____2.Afaan Oromoo maatii Afaanota Afroo Eeshiyaa keessaa maatii Afaan warra Seematikaa keessatti ramadama

_____3.Afaan Oromoo keessatti fufiileen gosa sadiitu jiru.

_____4.Latiin qpfa isaa hin dhaabbannee fi hiika hin qabne latii walabaa jadhama.

_____5.Yaadni haqaa yaada yoomiyyuu dhugaa ta'edha.

_____6.Bokkaan ni rooba ta'a himni jedhu ;henna murannaalaati.

_____7 Birsagni jalqabaa fi dhuma irraatti irra hin butamu.

_____8 Utubaan birsagaa yeroo mara dubbifamaadha.

_____9.Bamaqni ani jedhu ramaddii tokkoffaadha.

_____10.Jechoonni wal hin fakkaanne lama walitti qindaa´uun jecha haaraa hiika qabeessa tokko yoo uuman jechi sun diigala jedhama.

II. Kanneen Roga ´A´jala jiran kan Roga ´B´lalaatin walitti firoomsi.(10%)

| “A” | “B” |
|---|---|
| _____11.Dhabduu | A. Foon ilkaanii. |
| _____12.Qoomaa | B. Bokkaan ni rooba ta'a. |
| _____13.. Gonofee | C. Komachuu |
| _____14.Quba itti qabuu | D.Meeshaa dubartiin qarshii itti qabattu. |
| _____15.Hennaa murannaalaa | E.Battalatti ajjeesa. |
| _____16.Irga | F. Dubartii ilmoo hin qabne. |
| _____17Bokkuu | G.Fedhii guddaa agarsiisuu |
| _____18.Naatoo | H. Miidhagina. |
| _____19.Itti gaggabuu | I. Ulee abbaa gadaa |

Godina Jimmaa Wiira Barnoota Aanaa Saxxammaatti Mana Barumsaa Gaattiraa Sadarkaa 2ffaa

# Dabalee "C" Qoemataa Kutaa 11ffaa

Mana Barumsaa Sad.2ffaa Gaattiraa Qormaata Afaan OromooXumura Semisteeraa Sem.1ffaa Kutaa 11ffaaf
Qophaa´e Bara 2014 Yeroon Kenname 50´

M. guutuu ________________________________ _lakk.________ Daree___________

**I:Gaaffiiwwan 1-10 jiran Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi.(10%)**

_____1.Birsagni bakka maqaa bu´uudhaan tajaajila maqaa kennuu danda´a.

_____2.Maqaan dhuunfaa danoomina maxxanfachuu danda´a.

_____3.Fufii(-a) raawwii darbe agarsiisuuf tajaajila.

_____4.Keeyyanni tokko hima ijoo tikkoofi isa ol qabaachuu danda´a.

_____5.Tolaan konkolaataa manaa bite hima jedhu eeyyentaan ibsu dandeenya.

_____6.Dhamjechi yaasaa tajaajila caaslugaa kennuurratti ba´uureffata.

_____7.Maxxantuu dureen hundee jechaa gidduu galuuntajaajiluu danda´a.

_____8.Matimni caasaa himaa keessatti kan gochi irratti raawwatamedha.

_____9.Himni tokko yoo xiqqate matimaa fi antima qabaachuu qaba.

_____10.Hima xaxamaa xaxamaa kan isa taasisu jiraachuu ciroo hirkataati.

**II:Kanneen Roga"A"jala jiran kanneen Roga"B"jalaa jiraniin waliin walitti firoomsi.(1.5%)**

| "A" | "B" |
|---|---|
| _____7.Akkasaa | A.guddina biyyaaf gaarii |
| _____8.Iddeessa | B. Garmalee guddisuudha. |
| _____9. Nameessa | C.Waa´ee fayyaa |
| _____10.Eemtii | D. Mana dhugaatii jibbe |
| _____11.Arbeessuu | E. Sangaa foonii furdaa sana. |
| _____12. Habalaka | F.Faallaa waan tokko ibsuu. |
| _____13.Gaalee maqibsaa | G. Amala namaa gonfachiisuu. |
| _____14.Gaalee gochimaa | H. Waan tokkoon walbira qabuu. |
| _____15.Gaalee maqaa | I.Bakka waan taokkoo buusuu |
| _____20.Gaalee durduubee | J.Sijaalladhee du´uufan |
| | K.Amala wantootaa |
| | L.Ibsa maqaa amalaa |

**III:Qubee Deebii Sirrii Qabu Fikadhuun Deebisi.(1.5%)**

## Dabalee "D" Qoematataa Kutaa 12ffaa

**Mana Barumsa Gaattiraa Sad.2ffaatti Qormaata Afaan Oromoo Xumura Semsiteeraa 1ffaa Kutaa 12ffaaf Qophaa'e bara 2014**

**yeroon kenname daqiiqqaa 40'**

**I. Gaaffiiwwan armaan gadii 'Dhugaa' ykn 'Soba ' jechuun deebisi.**

1.Hayyoonni garee adda addaa afaaniif hiika walfakkaata qabu.

2.Sagaleen Kirkiruu dibbee sagaleen uumamu mitxiixaadha.

3.Sochii olii fi gadii bu;uurefffachuun sagalee dubbachiftuu gosa lamatu jira.

4.Maqaan Gamtaa yaada danoominaa qabaatee qeenxeen ibsama.

5.Fufiin Yaasaa hiika jijjiiruurratti xiyyeeffata.

6.Firoomseen adeemsa haaraa uumuu keessatti hundee ta'uu hin danda'u.

7.Bamaqaan maxxantoota maxxanfachuun danoomina ni agarsiisa.

**II.Kanneen Roga 'A'jala kanneen Roga 'B' jala jiran waliin walitti firoom**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 8.Uumamuu sagalee dubbiif wantoota barbaachisan | A.Guutaan oduu dubbise. |
| 9.Xiinsagni sagaleewwan dubbii | B.Sibiilli diimate. |
| 10.Bakka uumama sagalee | C.Abbaan isa sangaa gurgure. |
| 11.Qaamolee sagalee dubbii olaanuu | D.Abdiin sooreessa fakkaata. |
| 12.Akkaataa uumama sagalee | E.Barsiisaan b/tootatti qabxii agarsiise. |
| 13.Gochima darboo | F.Oromiyaan ogeeyyii qabdi. |
| 14.Gochima taasifamaa | G.Caaliin gangalate kolfe. |
| 15.Gochima gocha agarsiisu | H.Bokkaan deemuuf jedha. |
| 16.Gochima ta'umsaa | I.Qilleensa |
| 17.Gochima darboo fi dacha darboo | J.Amala darboo/dhaggeeffannooti |
| 18.Gochima jiraachuu | K.Sagalee cufamaa |
| 19.Gochima hafoo | L.Irgee |
| 20.Gochima muummee fi gargaartuu | M.Hidh-ilkee |